



Paartiin Badhaadhinaa injifannoowwan riifoormiidhaan galmaa'an gara guddina caalutti jijjiiruuf hojjechaa jira

- Obbo Adam Faaraah

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Paartiin Badhaadhinaa injifannoowwan riifoormiin galmaa'an gara guddina caalutti jijjiiruuf hojjechaa jiraachuu Pirezidaantii Ittaanaan Paartichaafi Sadarkaa Ministira Muummee Ittaanaatti Ittigaafatamaan Giddugala Qindeessa Ijaarsa Sirna Demokraasii Obbo Adam Faaraah ibsan.

Paartiin Badhaadhinaa paartii Sadaasa 21 bara 2012 qabsoo jijjiiramaa keessatti dhalate, mul'ata haaraa qabatee boqonnaa haaraa bane guddataa jiruudha jedhan.

Waggoota shanan darbanitti paartii dameewwan Siyaasaa, Diinagdee, Hawaasummaafi Dippiloomaasiidhaan badhaadhina hundagaaleessa galmeessaa jiru ta'uus ibsaniiru.

Har'as injifannoo caalmaa galmeessisuuf ga'umsaan hojjetaa jira jedhanii, hoggantoota jijjiirama fedhii ummataafi yaadama tarkaanfataa qabaniin deeggaramuun imalli jijjiiramaa eegalame Paartii Badhaadhinaa dhalchuun yeroo gabaabaa keessatti Itoophiyaan dachee



dingii addunyaa akka taatuuf bu'uura kaa'uu ibsaniiru. Bu'aan imala abjuu keenya keessatti arganne hojmanee boruu keenyaaf humna ta'uun har'a geenyeerra jedhan. Qabeenya kuufamaa hinmul'anne soqnee baasuun,

iddoowwan dhukkeen uwwifaman miidhaginaan uwwisnee, rakkoolee sodaachisoo waan hindanda'amne

Gara fuula 14tti

Siinqee
Applikeeshinii Moobaayil Baankiingilii Baankii Siinqee
Ammuma, Piilay Istoorii Irraa buufachuun fajaajila isaa jalqabsisa, maallaqa Keessan salphaatti daddabarsaal



"Guddinni Itoophiyaa biyyootni ulaa galaanaa qaban Itoophiyaaf akka eeyyaman taasisa"

- Doktor Maatiyoos Hinsarmuu

fuula 14



"Nageenyi Oromiyaa yeroodhaa gara yerootti fooyya'iinsa qabaatus hojiin manaa muraasni hafe jira"

- Komishinara Jeneraalaa Araarsaa Mardaasaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ammaan tana nageenyi Oromiyaa yeroo kamuurra sadarkaa gaariirra akka jiruufi bakka tokko tokkotti

Gara fuula 14tti

Nageenya: Waraqaa eeyyamaa gara badhaadhinaatti ce'aniin

Saamraawiit Girmaatiin

Finfinnee: Nageenyi namoota hundaaf barbaachisaadha, guddina biyyaafis murteessaadha. Nageenya malee hojjetanii jijjiiramuu miti oolanii buluunuu yaaddoodha.

Biyyiifi ummanni nagaa hinqabne yeroo hunda rakkoofi gadadoo keessa jiraatu, kanaaf ammao biyyoota kanneen akka Yaman, Laayibeeriyaa, Filisxeemiifi kanneen biroo kaasuu ni danda'ama. Biyyoonni kunneen sababa nageenya dhabaniif lammii dhabaniiru, hiyyummaatti kufaniiru, sadarkaa biyyummaatti ittifuullee dhabaniiru.

Kanaafi, yeroo hunda mootummoonni addunyaas waa'ee nageenyaa kan labsaniifi. Nageenyi kan mootummaan qofti humna waraanaa hiriirsee eegsisu osoo hintaane tokko tokkoon namaa kunuunsee jiraachuusaa mirkaneessuudha.

Yoo namni dhuunfaa nagaa ta'e, maatiin nagaa ta'a. Yoo maatiin nagaa ta'e hawaasni



nagaa ta'a; hawaasni nagaa taanaan ammoo biyyatu nagaa qaba. Nagaan jiraannaan ammoo waa hundatu jira.

Itoophiyaanis kanaafi, yeroo baay'ee dhimma nageenyaaf iddoo olaanaa kennitee, ittiddhimmittee kan hojjetuuf. Keessumaa nageenyi biyya keessaa akka mirkanaa'uuf hojii bal'aa hojjetetti. Nageenyi waggoota muraasaa as sababoota addaddaatiin boora'aa tures yeroo hunda yaalii taasisaa

kan jirtu gatiidhuma nageenyaa hubachuuni. Ministeerri Nageenyaa ergamnisa ijoon akka nageenyi waaraan mirkanaa'uuf hojjechuu ta'es keessumaa dhimmicharratti xiyyeeffannaadhaan hojjetaa jira. Keessumaa hubannoon gama kanaan jiru akka babal'atuuf qooda fudhattoota waliin yeroo addaddaatti mari'atee mariiseera.

Gara fuula 12tti

ODUU

Paartiin Badhaadhinaa Oromiyaatti bu'aa maalii fide?

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Erga hundeeffamee waggaa shan kan guute Paartiin Badhaadhinaa seenaa Itoophiyaa keessatti paartii karaa nagaa aangoo qabate paartii isa jalqabaati.

Paartichi aangoo osoo hinqabatiin dura Addi Dimokiraasummaa Warraaqsa Ummattoota Itoophiyaa (ADWUI) Itoophiyaa biyya sabaafi sablammoota 80 ol keessa jiraataniifi yeroo sana naannolee sagaliifi bulchiinsa magaalaa lama qabduu paartiwwan naannolee afurii qofa hammachuun kanneen hafan immoo dagachuun biyya bulchaa ture.

Paartiin Badhaadhinaa naannoleen biyyattii hundi, sabaafi sablammootni biyyattii keessa jiraatan hundi walqixxummaadhaan biyyaasani bulchuuf carraa akka argatan gochuuf sirna bulchiinsa ADWUI keessatti paartii deggartoota jedhamuun naannolee horsiise bulaa bulchaa kan turan hunda of keessatti qabate hundaa'e.

Ayyaana hundeeffama paartiichaa waggaa shanaffaa akka Naannoo Oromiyaatti



Magaalaa Naqamteetti kabajamerratti Pirezdaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa haasaa taasisaniin akka jedhanitti, ummatni biyyattii ilmaasaa kennuurraa jalqabee waan hunda kennuun paarticha tumsaa jira. Yaada mo'ataa hunda galeessa qabaachuusaatiinis sabaafi sablammoota biyyattii hunda keessaa miseensota danuu qaba.

"Fudhatamummaan ummata biratti qabuufi

yaadamni injifaatan inni qabatee socho'aa jiru shirri garaagaraa osuma irratti xaxamuu injifachaa har'a gaheera. Qaamotni yaadaan paarticha injifachuu dadhaban warri siyaasa karaa saayinsaawaa ta'een hogganuu hinbeekne, sirna federaalizimii diiguufi jedhanii paarticharratti duula maqaballeessii banan.

Paartichi mul'ata injifataa akka qabu dursanii waan hubataniif jalqaba hundeeffama

paartichaatiirraa eegalee xobbeetti kutuuf hojii shiraa irratti hojjechuuf murteeffatan. Olola sobasaanitiinis qaamotni kanneen namoota hedduu karaarraa maqsan. Haa ta'uu malee, paartichi federaalizimii dhugaa lafa qabsiisuudhaan fedha qaamota kanneenii karaatti hambiseera.

Akka odeesse bulaan tokko tokko haasa'uu osoo hintaane paartichi paartii karaa sirrii qabatee adeemaa jiruudha. Gaaffiifi fedhii ummataa hubatee haala dinagdee, hawaasummaafi siyaasa addunyaas xinxalee xiqqeffatee cichee hojjechaa jira.

Gaaffii mirga ofiin of bulchuu deebisuuf, cunqursa sabummaa, cunqursa dinagdee, cunqursaa siyaasaa hambisuuf, gaaffiilee sabaafi sablammootni biyyattii qaban deebisuuf paartii kutannoo qabuudha" jedhu.

Paartichi haasaan osoo hintaane paartii sabboonummaa gochaan agarsiisu ta'uu kaasanii, sabboonummaa qabaachuusaatiin waggaa 150 booda Irreecha Hora Finfinnee iddootti deebisu danda'uu himu.

Gara fuula 14tti



Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa



Abbaa Gadaa Aliyyii Mohammad



Suruur Haadha Siinqee Tigisti Dibaabaa

Mikaa'ina Marii Biyyaalessaatiif ga'een abbootii

Gadaafi haadholii Siinqee olaanaadha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Milkaa'ina Marii Biyyaalessaaf ga'een abbootii Gadaafi Haadholii Siinqee murteessaa ta'uu abbootiin Gadaa ibsan.

Walittiqabaan Gamtaa Abbootii Gadaa Oromoofi abbaan Gadaa Maccaa Warqinaa Tarreessaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, milkaa'ina marii biyyaalessaa naannoo Oromiyaatti gaggeeffamuuf hirmaannaan abbootii Gadaafi haadholii Siinqee barbaachisaadha. Bakka marichi gaggeeffamutti yaada kennuufi hawaasi akka yaada furmaataa dhiyeessuuf ga'eesaanii ba'achuu akka qaban ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, mariidhaan wanti hinfuramne hinjiru. Mariin biyyaalessaa Komishinii Marii Biyyaalessaan gaggeeffamaa jiru rakkoo baroota dheeraa sabaa, sablammootaafi ummattoota biyya kanaa gidduu tureef furmaata fidee akka dhufu amantaan qaba jedhaniiru. "Nama mari'atetu maraatummaa keessaa ba'a" jechuun barbaachisummaa marii biyyaalessaa ibsaniiru.

Walittibu'iinsa karaa amantaa, sabaafi sabaa, daangaafi daangaa, mootummaafi hawaasa gidduutti uumamuu malu mariidhaan furuun biyyi hundaaf taatu akka ijaaramtu taasisa. Kanaaf ammoo abbootiin Gadaafi haadholiin Siinqee maricharratti argamuun yaada saba, sablammootaafi ummattoota akkasumas ollaaf ta'uu dhiyeessuun ga'eesaanii ba'achuu qabu jedhan.

Oromoon hammataadha yeroo jennu sabaafi sablammii hammachaa, waan Oromoon jaalatu isaanis akka jaalatan gochaa, kan isaan jaalatan Oromoonis akka jaalatu taasisaa biyya dhalootaaf taatu ijaaruu hunduu ga'eesaa ba'uu qaba jedhaniiru.

Mariin biyyaalessaa amantaafi umuriin waan

nama hindaangessineef dargaggootni waan biyya diigurraa fagaachuudhaan maricharratti hirmaatanii biyya hundaaf taatu dhalootatti dabarsuuf ga'eesaanii ba'uu qabu. Hayyoonniifi miidiyaaleen namoonni karaa sirriirraa goran akka gara mariitti dhufaniifis ga'eesaanii ba'uu qabu jechuun ibsaniiru.

"Murnoonni seeraan ala hidhatanii bosona jiranis waan mootummaa waliin irratti walddhaban mariifi marabbaa Oromootti amanuudhaan mariidhaan fixachuu qabu. Abbootiin Gadaa qaamolee walddhaban walittifiduuf hojjechaa jiru. Gara fuulduraattis walitti fiduuf hojiin eegalle ittifufa" jedhan.

Abbaan Gadaa Siikkoo Mandoo Aliyyee Mahaammad Suruur gamasaaniin, mariin daandii injifannooti jechuun barbaachisummaa marii biyyaalessaa ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, mariin rakkoo baroota dheeraaf nu mudataa turaniifi jiranirratti waliin taanee akka furmaata ittikenninu nudandeessisa. Hawaasi gaaffiilee qabu qindeeffachuudhaan afaan tokkoon maricharratti dhiyeeffachuu qaba.

Marichi rakkoo biyyaalessaa furuurra darbee tokkummaa Oromoollee akka cimsu himanii; qaamoleen bosona seenanii mootummaan lolaa jiranii mariin gara nagaatti akka dhufaniif carraa gaarii uuma. Mariin Komishinii Marii Biyyaalessaan eegalame akka milkaa'uufis abbootiin Gadaafi haadholiin Siinqee gumaacha isaaniirraa eegamu hundaa taasisuu qabu.

Godina Buunnoo Baddalleerraa haati Siinqee Tigisti Dibaabaa mariin biyyaalessaa ajjechaa obbolaatiin haatiifi abbaan irratti du'aa jiran furuuf shooraa guddaa qaba. Rakkoon furamee akka nagaan bu'uuf mariin biyyaalessaa gaggeeffamaa jiru murteessaa ta'uu himanii; haadholiin Siinqee abbootiin Gadaa marichi akka milkaa'uuf ga'eesaanii ba'uu qabu jedhaniiru.

Omishaalee alaa galaa turan kan biyya keessaatiin bakka buusuun baasii doolaara miliyoona 900 hambisuun danda'ame

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Sosochii Itoophiyaan Haa Omishtuutiin omishaalee kanaan dura alaa galaa turan kan biyya keessaatiin omishamuun bakka buusuudhaan raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017n baasii doolaara miliyoona 900 hambisuun kan danda'ame ta'uu Ministeerri Indastirii beeksise.

Ministeerichatti Raawwachiisaan Hojii Dorgomummaa Omishaa Obbo Masaayinah Wubisheet ibsa dheengadda Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan omishaalee alaa galchaa turte kan biyya keessaatiin bakka buusuuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjechaa jirti.

Biyyattiin poteenshaala omishaalee indastiriitiif oolan guddaa kan qabdu ta'uu himanii, potenshaala jirutti fayyadamuun omisha alaa galaa ture bakka buusuuf imaammata indastirii bara 1994rraa kaasee hojiirra ture bara darbe fooyyessuun hojjechaa jirti.

Imaammata fooyya'erratti hundaa'uun tarsiimoo biyyaalessaa omisha bakka baasuun hojjechaa jirti. Imaammanni duraanii omishaalee algeriif xiyyeeffannoo kan kennu yoo ta'uu, imaammanni fooyya'e kun dhaabbilee omishtoataaf deeggarsa barbaachisu kan kennu ta'uu himaniiru.

Omisha alaa galaa ture bakka buusuufis dursa qorannoo saayinsaawaa taasisuun akaakuuwwan omishaa 96 omishuuf sosochii Itoophiyaan Haa Omishtuu jalqabuun hojiitti galamuu himanii, sosochiin kun rakkoollee dhaabbilee indastirii hiikuurratti kan xiyyeeffate ta'uu eeraniiru.

Rakkoollee dhaabbilee furuufis qooda fudhattoota kilaastara kilaastaraan qooduun akka gurmaa'an taasisameera. Tajaajilli Humna Ibsaa, Ministeerri Faayinaansii, Ministeerri Magaalaafi Bu'uuraalee Misoomaafi Komishinii Gumruukii kilaastara kana keessatti hammatamaniiru.

Sosochiichaan biyyattiin omisha kanaan dura



Obbo Masaayah Wubisheet

omishtee hinbeekne omishuu jalqabdeetti kan jedhan Obbo Masaayinah, lammiileen omishaalee biyyattiitti omishaman bitatanii akka fayyadamaniif hojiin hubannoo gabbisuu bal'inaan raawwatameera. Biyyattiinis omishaalee kanaan dura omishtee hinbeekne omishuu jalqabuu eeraniiru.

Keebiiwwan elektirikii, ismaarti poolii ('smart pole'), omishaalee injinariingii keemikaalaa garagaraa haaraa omishuu kan jalqabde ta'uus himaniiru.

Jalqabuu sosochii kanaatiin rakkoon hanqina sharafa alaa, kan bu'uuraalee misoomaa, ciccituu humna ibsaa, dhiyeessii lafaafi hanqinni galteewwanii furmaata argataniiru. Kanarraa kan ka'e humni omishuu indastiriwwanii dabalaa jira. Dhaabbilee indastirii sosochicha dura hojii dhaabani turan 217 deebi'anii hojii jalqabaniiru.

Rakkoolleen indastirii omishaa faana walqabatan hedduun furmaata kan argatan ta'us ammallee indastiriwwan hamma humnaasani omishuu hindandeenye jiraachuu himanii, keessattuu hanqina maallaqa hoji raawwachiistuutiin indastiriwwan hedduun ammallee rakkachaa jiraachuu ibsaniiru.



Pirofeesara Natsaannat Warqinaa

Weerara dhibee busaa naannichaa to'achuuf dhiyeessiin qorichaa ga'aan jiraachuun himame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Weerara dhibee busaa naannichatti mul'achaa jiru to'achuuf dhiyeessiin qorichaa ga'aan jiraachuu Biiron Fayyaa Oromiyaa ibse. Dhibicha yeroo gabaabaa keessatti to'achuuf hirmaannaa qaamolee hundaa akka barbaadus ibsameera.

Hoggantuun biirichaa Pirofeesara Natsaannat Warqinaa ibsa Kamisa darbe kennaniin, weerara dhibee busaa mul'achaa jiru to'achuuf dhiyeessiin qorichaa ga'aan jiraachuu dubbataniiru. Hanga ammaatti tarkaanfiiwwan garagaraa mootummaan fudhatamus yeroo gabaabaa keessatti to'achuuf qindoomina qaamolee hundaa akka gaafatu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Oromiyaatti namootni miliyoona 39.5 haalota weerara dhibee busaa saaxiluu danda'an keessa jiraatu. Dhibeen kun godinaalee 18fi aanaalee 10 keessatti babal'atee jiraachuu ibsanii tarkaanfii mootummaan fudhachaa jiruun saaphana siree miliyoona 8 ol raabsuudhaan namoonni miliyoona 16 ol dhibee busaan akka hinqabamne taasisuuf hojii bal'aan hojjetameera.

Namoota mallattooleen dhibee Busaa irraatti mul'ate miliyoona 5.6 kan qorataman yoo ta'u namoonni miliyoona 2.5 dhibeen busaa irratti argameef wal'aansi ga'aan taasisameera. Ji'oota shan darban keessatti keemikaala farra bookee busaa manneen kuma 500 ta'anirratti biifameera, hubannoo hawaasaa cimsuuf barnoonni fayyaa ilaallatu bal'inaan kennamuu, dhiyeessiin qorichaa ga'aa dhiyaatee fooyya'insi hamma tokko jiraatus ammallee rakkoon fayyaa hawaasaa mul'achaa jira.

Akka mana hojichaatti hanqinaafii cimina jiru adda baasuun irratti hojjechuun weerara kana to'achuuf gamaggama raawwii ji'a lamaa gaggeessuun tarkaanfiiwwan garagaraa fudhatamaa jira.

Haaluma kanaan yeroo ammaa kana humna raawwachiisummaa cimsuuf humna raawwachiisaa sadarkaa naannoorraa hanga gandaatti diirirsuudhaan hojii ittisaafi wal'aansaa cimsuu hojjetamaa jira. Kanaan dura hojii ittisaafi waldhaansaa hojjetamaa ture naannawaa tokkoo naannawaa biraatti adda addummaa qabaatus yeroo ammaa bifa walfakkaatuun hojjetamaa jira.

Raawii hojii bu'uuraa godhachuun weerara dhibee kanaaf hojiiin madda rakkoo adda baasuu kan hojjetame yoo ta'u, hudhaalee mul'atanirratti ciminaan hojjechuun hawaasa fayyabuleessa horachuuf humna guutuun hojjetamaa jiraachuus ibsaniiru.

Rakkoo hubannoofi fageenya buufataalee fayyaan walqabatee jiru furuuf tola ooltota kuma 500fi 744 leenjisuudhaan manaa manatti hojiiwwan ittisaafi waldhaansaa akka kennaniif bobbiin taasisameera.

Aanaalee 91tti gandoota 1436 keessatti gareen hordoffii to'annoo tola ooltotaa bobba'uu himanii; hawaasi miirrii mataa dhukkubbii, dadhabii namatti dhaga'amu, ho'a qaamaa dabaluu, yoo mudate hatattamaan gara mana yaalaa dhaquufi qoricha haalaan fudhachuun murteessaa ta'uus dhaamaniiru.

Qonnaan buloota Arsiifi Baalee irraa hafaaf omishuun biyyaaf gaachana ta'aa jiran

Waaqshuum Fiqaaduutiin


Finfinnee: Qindeessummaa Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaatiin daawwannaa hojii misooma qonnaa miidiyaaleen tibbana Baaleefi Arsiitti taasisaniin godinaaleen kunneen omishtummaa olaanaa qabaniin Oromiyarra darbanii guutummaa Itoophiyaa sooruuf potenshaala guddaa qabaachuu hubanneera.

Irrajireessi lafasaanii waan diriiraa ta'eefi garbuufi qamadiin calaqqee samiin lafa uwwisan ijji ilaalee hinfixu. Qamadiin kilaastaraan lafa hektaara kumaatamaan omishamu galaana lafarra hafate fakkaata. Godinaalee kunneenitti yoo rakkoo gabaa ta'e malee qonnaan bulaa kamuu biratti hanqinni omishaa akka rakkootti hineeramu.

Obbo Gammachuu Baatii qonnaan bulaa adda duree Godina Arsi, Aanaa Heexosaati. Lafa hektaara afur qabanirraa waggaatti yoo xiqqaate qamadii qofa kuntaala 150 kan argatan yoo ta'u boqqolloo, atara, baaqelaa, xaafiifi kanneen biroos ni omishu. Ijoollee qaban keessaa nama sagal dhaabbilee barnoota olaanaatti barsiisuun yeroo ammaa saglanuu hojii gaariirra jiraachuu dubbatu. Mana jireenyaa sadarkasaa eeggates magaalaa Adaamaatti ijaarrataniiru.

Obbo Gammachuufi maatiisaaniif hanqinni midhaan nyaataa rakkoo waan hintaaneef dhiyeessiin xaa'oo sadarkaa barbaadamuun yoo mirkanaa'ee qamadii godinaaleefi

Suurri Iyyoob Tafariitiin



Obbo Gammachuu Baatii



Obbo Gammachuu Baatii



Hajii Tuunee Roobaa

naannolee biroof dhiyeessuuf qophiidha. Kanaafuu, osoo lafti Arsi jiru hanqina qamadii kaasuun salphina waan ta'eef dhiyeessiin xaa'oo qofti akka fooyya'uuf gaafataniiru.

Haaluma walfakkaatuun qonnaan bulaan aanichaa biraa Hajii Tuunee Roobaa gamasaaniin akka jedhanitti, jijjiiramaa asitti deeggarsa rogawwan maraan mootummaan taasiseefiin omishtummaan qamadiisaanii dachaa lamaan dabaleera. Kombaayinaraan waan haamaniif qisaasamni callaas hinjiru. Haa ta'u malee, rakkoon gabaa hudhaa hamaadha.

Aadde Birqinash Takkaa qonnaan bultuu adda duree Godina Baalee, Aanaa Gobbaati. Isaanis kana dura qoraan gurgurani buluurraa gara qonnaan bultuu adda dureetti dhufuu dubbatu. Gorsa karaa Sagantaa Maaddii Guutuu kennameefiin lukkuu, loon, kuduraafi mudara, gaagura ammayyaa, mi'eessitoota akaakuuwwan garaagaraa, walumaagalatti wanti qe'ee Aadde Birqinash

hinjirre soogidda qofa.

Jijjiiramuuf dhiiraa dubartii osoo hintaane kutannoofi ciniinnatani hojjechuu qofatu murteessaadha kan jedhan Aadde Birqinash; harka abbaa warraasaani eeguu osoo hintaane camadani akka qotan, halkan ka'ani akka aramatan hubachiisaniiru. Waanti maaddiisaaniirraa dhabame hinjiru. Nyaata madaalamaa sooratu. Magaalaattis mana ijaarrachuuf haalduree xumuruu ibsaniiru.

Ministir De'eetaan Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa RFDI, Obbo Kabbadaa Deessisaa gamasaaniin, kanaan dura xiyyeeffannoo ijoon mootummaa omishtummaa dabaluu ta'uu himanii; bu'uuruma kanaan midhaan nyaataan of danda'uu bira darbee qamadii dabalatee alerjiin Itoophiyaa dachaawwan hedduun dabaleera. Kanaan qonnaan buloota fayyadamoo taasisuun hojiiin walitti hidhamiinsa gabaa kallattii ittaanu ta'uu eeraniiru.

"Ayyaanni Sabootaafi sablammootaa tokkummaafi obbolummaa sabootaa cimsuurratti xiyyeeffachuu qaba"

- Pirofeesara Gargaaraa Zalaalam Tasfaayee

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Gumiin Balal marsaa 39ffaan Ayyaana Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa yeroo 19ffaaf mataduree "Waliigaltee Biyyaalessaa, Tokkummaa Sabdameessummaaf" jedhuun Sadaasa 29 bara 2017 sadarkaa biyyaatti kabajamu sababeeffachuun kaleessa Finfinnee, Waajjira Pirezdaantii Oromiyaatti adeemsifameera.

Waltajjichi qindeessummaa Waajjira Pirezdaantii Oromiyaafi Biiraa Kominikeeshinii Oromiyaatiin kan qophaa'e yoo ta'u, hoggantuun waajjiraalee lamaanii, koreewwan dhaabbii Caffee Oromiyaa, hayyoonni yunivarsiitiwwan gara garaafi keessummoonni waamichi isaanii taasisame maricharratti argamaniiru.

Hogganaa Ittaanaan Biiraa Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Isheetuu Sirneessaa haasaa baniinsaa maricharratti taasisaniin akka jedhanitti, qabsoofi wareegama saboonni, sablammoonniifi ummattoonni Itoophiyaa taasisaa turaniin caaseffamni mootummaa federaalaa ofiin of bulchuu sabootaaf wabii kenne hundaa'ee Heerri Sadaasa 29 bara 1987 ragga'eera.

Heerri kun dhugaa sabdameessummaa biyyattii kan mul'ise, sirni federaalizimii bu'uuraa kan qabsiiseefi tokkummaa, walqixxummaa, mirga ofiin of bulchuufi dimokraasii ijaaruuf wabii ta'eera kan jedhan Obbo Isheetuun, haata'u malee waggoota 27 oliif hojiirra oolmaa sirna federaalizimiiirra qawwi guddaan mul'achaa waan tureef dambalii ummattootaa irra deebiin uumameen bara 2010 mootummaan jijjiiramaa kun akka dhalatu taasisera.



Mootummaan jijjiiramaa hanqinoota gama ijaarsa sirna dimokraasiiin jiran furuu, gaaffii ofiin of bulchuu sabootaa, sablammootaafi ummattootaa bu'uuraa heeraatiin mirkaneessuu, sirna federaalizimii sabdameessaa obbolummaarratti ijaaru, seenessa qeenxee diiguun seenessa waloo ijaaru, mootummaa jabaafi biyya badhaadhinaa beekamtu ijaaruuf riifoormiiwwan guguddoo hojiirra oolchuun daandii milkaa'inaarratti kan argamu ta'uus eeraniiru.

Akka isaan jedhanitti, biyya waloo hundaaf taatu, hunda fakkaatuufi hunda qixa tajaajiltu ijaaruuf xiyyeeffannaan hojjetamaa jira. Sirna federaalizimii obbolummaarratti ijaaramaa jiru kanaan sagaleen sabootaa, sablammootaafi ummattoota Itoophiyaa qixa akka dhaga'amu akkasumas haala heerri ajajuun raawwiitti

galamee bu'uurri jabaan kaa'amaa jira. Kanaan seenessi qeenxee bakka dhabaa seenessi waloon ammoo bakka qabachaa jira. Injifannoon qabsoo sabootaan argame kun ashaaraa dhalootaati jechuun ni danda'ama.

Galmi keenya biyya keenyatti sirna federaalizimii sabdameessaa bu'ureessuun mirga ofiin ofbulchuu mirkaneessuu, nageenya waareessuu, obbolummaa sabootaa cimsuu, dirree dimokraasii babal'isuu, mirga garee dhuunfaa kabajuu, hedduminaaf beekamtii kennuu, tokkummaa biyyaalessaa waloominaan ijaaruufi biyya hundaaf taatu seenessa walooratti ijaaruudha kan jedhan Obbo Isheetuun, wayita Guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa kabajnu hedduminni keenya madda waldhabdee utuu hintaane madda cimina keenyaa taasisa jechuun ibsan. Hedduminni sabaa, afaan, aadaa, amantaafi seenaa biyya keenyaa badhaadhina ta'uu hubachuufi hubachiisuu qabna jedhu.

Caffee Oromiyaatti, Walittiqabaan Koree Dhaabbii Dhimmoota Bajataafi To'annoo Horataalee Doktor Gammachuu Araarsaa akka jedhanitti, heerri biyyattii Sadaasa 29 bara 1987 ittiragga'e waggaa waggaa sadarkaa biyyaafi naannoleetti sirnoota gara garaatiin kabajama.

Sadaasni 29 gayyaa gaaffiin eenyummaa, ofiin of bulchuu, aadaafi duudhaa ofi dagaafachuu, afaan ofiitiin fayyadamuu sabootaa, sablammootaafi ummattootaa heeraan beekamtii argateefi guyyaa seenaqabeessa.

Sirna ADWUI keessa sirna federaalizimii lafa qabsiisuufi mirga sabaafi sablammootaa

Gara fuula 12tti

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Sadaasa 21 Bara 2017



Mandara Qulqullinaa: Jalqabbii Bayyanannaa Itoophiyaa

fuula **9**



“Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa fooyya’ee bahe hojjetaa, ummataafi biyyaaf faayidaa guddaa qaba”

- *Nagarii Leencoo (PhD)*

fuula **6**



“Pilaastikii ‘haylaandii’ naannawa balfurraa meeshaalee kalaquun qabeenyatti jijjiiraa jirra”

fuula **8**

Badhaasaafi beekantii Badhaasa Gaaddisaa marsaa 3ffaa

fuula **10**

Ijoo Dubbii

Bu'aalee imala waggoota shanii eegamuu qaban

Waggooni jijjiiramaa darban kan injifannoowwan hedduun ittigalmaa'aniifi qormaatoni adda addaas itti keessummeeffamaniidha.

Yaadama siyaasaa walqooduufi loogii keessaa bahamee paartii biyyaalessaa hammataa, madaalawaafi tokkummaa sabdaneessaa cimsu hundeesuudhaan badhaadhina Itoophiyaatiif mul'ata qabachuun yeroo boqonnaa haaraan itti eegalameedha.

Akka Kantiibaana Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanachi jedhanittis, imalli jijjiiramaa mijataa qofa otoo hintaane yaadamaafi gochoota duubatti harkisoo Itoophiyaa waggootaaf takaalee qabe keessaa baasuuf qabsoofi bu'aa ba'ii olaanaa keessa darbuu kan gaafatu ture.

Oggaa misoomsuuf tattaafatamu isa balleessuuf qabsaa'u faana; oggaa ijaaruf fiigamu murnoota diiguuf wixxirfatan wajjin wal'aansoo walqabaati.

Dhugaan bara sobaa waliin; amantaa cimaan shakkiifi ganuu faana; waliin; boqonnaa gaarummaan hammeenya wajjin wal'aansoo walqaban dhugaa qabachuun gaarummaa raawwachaa, ciminaan mo'achaa waggoooni abdiin ifaa ittimul'atan darbaniiiru.

Imala rakkisaa waggoota shanii keessatti milkaa'inoota ijoo lakkaa'amu danda'an galmeessaa jecha gochatti jijjiiraa paartichi akeeka dhaabateef dhugoomseera; hojiiidhaanis agarsiiseera.

Dhaloota dhufuuf kan darbuu qabu idaa otoo hintaane mindaa akkasumas biyya badhaateefi misoomte dhaalchisuuf paartii xiyyeeffannaan hojjechaa jiruudha.

Waggoota jijjiiramaa darbanitti gaaffileen seenaa siyaasaa Itoophiyaa keessatti dhiyaachaa turan waadaa bira darbanii deebii gochaan deeggarama argataniiru.

Bu'aa jijjiiramichaa kan ta'e Paartiin Badhaadhinaa cabiinsawwan darban kan wal'aanu, kan har'aaf furmaata ta'u, imala egeree ammoo kan qajeelchuudha.

Paartichi waggaa shanaffaa hundeeffamasaa yeroo kabajatu kanatti dallaawwan adeemsa siyaasaa qarqaraafi jidduu, ijoo deeggaraa, qonnaan bulaafi horsiisee bulaa, diinaafi fira...diiguudhaan gurmaa'insa siyaasaa yaada qofarratti hundaa'e uumeera.

Addummaa yaadaa akka faayaafi dhuudhaatti fudhachuudhaan morkattootasaa akka diinaatti hinlaalu. Paartichi kan naannawa ykn saba tokkoof dhaabate otoo hintaane paartii yaada tokkummaa sabdaneessummaa qabuudha.

Jijjiiramaa as walabummaan dhaabbilee amantii kabajameera. Adda addummaa durabu'oota abbootii amantii jidduu ture walitti dhiyeessuufi gara tokkummaatti akka dhufaniif mootummaan paartichaan hogganamu gumaachasaa bahateera.

Dhaabbileen ibsama dimokraasii kanneen akka Boordii Filannoo, Komishinii Mirgoota Namoomaa, Dhaabbata Abbaagaar, Abbaan Taayitaa Miidiyaalee irradeebiin akka gurmaa'an taasisfamaniiru. Akka bilisa, loogmaleeyyiifi amanamoo ta'aniifis jijjiirraan seeraafi gurmaa'inaas taasisfameera.

Jijjiiramichi akka walabummaan miidiyaa kabajamuuf, miidiyaaleen seeraan qofa akka hojjetaniifi bulaniif, waltajjii yaadaa kutaalee hawaasaa hundaa akka ta'an taasisfamaniiru. Baay'inni miidiyaalee 122 ture ammaan tana 272 qaqqabeera. Buufattooni televiziyinii 25 irraa 78, kan raadiyoo 52 irraa 73 guddataniiru. Qaqqabamummaan afaanii miidiyaalee kanneeniis 39 irraa gara 60tti guddateera.

Hojii qonnaa boodatti hafaa ture ammayyeessuun aadaa hojiiratti jijjiiramni mul'ateera. Ammaan tana hojiin qonnaa waggaa guutuu hojjetamaa jira.

Kanaanis hojii qamadii, ruuzii, garbuu, boqqoolloofi omishaalee kuduraarratti xiyyeeffannoon hojjetamee Itoophiyaan biyyoota Afrikaa keessaa qamadii omishuun adda duree taateetti. Qamadii alaa galchuus dhiisteetti. Omisha damee kuduraafi muduraatiinis hanga alergii dabaleera.

Hojii maaddii guutuurratti hojjetameenis omsihaaleen aannanii, lukkuufi dammaa maaddii maatiiratti akka argamaniif tattaaffiin eegalameera. Kanaanis omishni foon lukkuu toonii kuma 70 irraa gara toonii kuma 208tti; kan aannanii liitira biliyoona 7.2 irraa gara biliyoona 10tti; akkasumas kan dammaa toonii kuma 129 irra gara toonii 272tti guddisuun danda'ameera.

Gama ashaaraa magariisaatiinis waggoota jijjiiramaa darbanitti biqiltuuleen adda addaa faayidaalee dinagdee qaban biliyooni 40 dhaabamaniiru. Omishaalee uffataa tajaajiloota garagaraatiif oolanis biyyuma keessatti omishuun danda'ameera.

Damee turizimiifi misooma koriidariiratti dabalatee hojiileen dameelee hundatti hojjetaman daran hedduu waan ta'aniif bu'aalee kanneen eeggachaafi kunuunsaa nageenyas mirkaneessaa, hanqinoota mul'atan guutaa milkaa'ina imala badhaadhinaa hafeef hunduu haa gumaachu.

Yaada/Ajandaa

Miidhaan dubartootaa miidhaakootisi, hincallisu

Gammachuu Kadiriin

Miidhaalee dubartootaaf daa'immanirra ga'uun adeemsa seeraan murtoo fudhatanii adeemsa seeraa jala jiranirraa ka'uun Biirron Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii sosochii bal'aa taasisaa jira.

Isaan keessaas waldhabdee abbaa warraafi haadha warraa gidduutti tureen ijoollee horan lama waliin asiidii fuulatti facaasee gubuun miidhaa qaamaa qaqqabe, abbaa warraasheetiin ajjeefamuu haadha daa'ima tokkoofi jirma mukaatti hidhamtee reebamuu haadha ijoollee sadii akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

Daa'imni ji'a lamaa abbaasheetiin gudeedamuun lubbuun darbuu, daa'imni waggaa 12 abbaan gudeedamuu, namoota afur ta'anii daa'ima waggaa afurii haalbeedhaan qalanii lubbuushee dabarsuufaan gaaga'ama dubartootaafi daa'immanirra ga'aa jiran keessaa muraasa. Haleellaa dubartootarratti raawatamaa jiru kan hubate Biirron Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa mataduree, "Miidhaan dubartootaa miidhaakootisi, hincallisu" jedhuun keessumaa ji'a qabanne kanatti sosochiiwwan adda addaa taasisaa jira.

Egaa dubartiin haadha, obboleettiifi haadha warraadha. Kanaaf qaamni hawaasaa kun maatiifis ta'e biyyaaf qaama daran murteessoo waan ta'aniif haleellaan hammeenyaan guutame haa hafuutii ija hamaadhaanuu ilaalamu hinqabdu.

Akka duudhaa sirna Gadaattis yoo ilaalle xiyyeeffannaan sirnichi daa'immaniifi dubartootaaf kennu olaanaadha. Wayita Malkaa irreeffannaa dhaqamullee dursee kan deemu dubartoota ta'uun kabajaafi ulfina dubartootaaf sirnichi qabu kan mul'isuudha.

Abbaan Gadaa tokkos abbaa Gadaa ta'uuf dandeettiin hoggansaa qe'eeraa eegaluu, guyyaa ayyaana Irreechaa haati Siinqee abbaa Gadaa waliin hiraachuun kan jechaa jiru kana qabatamaa taasisa. Miidhaa dubartootarra ga'u haadhooliin Siinqee abbaa Gadaatti akka beeksisan ifatti ta'eera.

Daa'immanis akkasuma guyyaa dhalatanirraa eegalee rifeensi mataasaanii hanga waggaa saddeetiitti (hanga gulantaa dabballeetti) akka irraa hinbuune gaafa muramus duudhaa sirna Gadaatiin akka buufamu abbootiin Gadaa nidubbatu.

Kana qofa utuu hintaane daa'imman adeemsa guddinasaanii keessatti wayita hojii shaakalan hojii humnasaaniin walmadaalu jabbilee tiksuun eegalu. Tariiba gulantaa umurii 0-8, 8-16, 16-24fi 24-32tti jiruun waantoti daa'imman hojjetan tarreeffamuu xiyyeeffannaafi kabaja sirni Gadaa mirga daa'immaniifi qabu mul'isa.

Oromoon duudhaa akka kanaa qabaachuudhaan hawaasa addunyaaf otoo fakkeenya ta'ee jiruu kabajamuu mirga dubartootaafi daa'immaniin walqabatee waanti yeroo ammaa Oromiyaa keessatti mul'achaa jiru kan namatti tolu miti. Miidhaa qaqqabaa jiru maqsuuf gama mootummaatiin maaltu hojjetamaa jira? Abbootiin Gadaafi amantaa miidhaa maaltu hojjetamaa jira? Miidhaan qaqqabu dabalaa moo hir'achaa jira?



Dhimma kana ilaalchisuudhaan Biirron Dhimma Dubartootaafi Daa'imman Oromiyaa marii paanaalii hubannoo miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'u hir'isuurratti xiyyeeffate tibbana magaalaa Adaamaatti gaggeessee ture.

Akka ragaaleen qorannoo Biirron Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii; Fayyaafaan ibsanitti galmeewwan murtii argataniifi adeemsa murtiirra jiran wabeeffachuun eeranitti bara 2012 irraa eegalee miidhaan dubartootaafi daa'immanirra ga'u yeroodhaa gara yerootti bifa jijjiirachuun dabalaa jira.

Hoggantuu Ittaantuun Biirron Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Aadde Samiiraa Faariis akka jedhanitti, miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'u hir'isuuf mootummaan imaammata, qajeelfamootaafi inisheetiiviiwwan garagaraa bocuudhaan hojiirra oolcheen bu'aan hanga tokko mul'ateera.

Ta'us miidhaan dubartootaafi daa'immanirra ga'u bifa jijjiirachuudhaan yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Barmaatiileen miidhaa qaqqabsiisan duudhaaleefi amantaa hawaasaa giddugaleeffachuudhaan babal'achaa waan jiruuf xiyyeeffannoo qaamolee qindoomanii biiricha waliin hojjetanii biratti dabalee xiyyeeffannoo abbootii Gadaafi amantaa barbaada.

Barmaatiileen miidhaa qaqqabsiisan duudhaalee, safuufi amantaa hawaasaa cabsuun dubartootaafi daa'immanirraan miidhaa ga'aa waan jiraniif miidhaa kana hir'isuuf gaheen abbootii Gadaa, haadhooliin Siinqee abbootii amantaa olaanaa ta'uu qaba. Abbootiin Gadaafi haadhooliin Siinqee akkasumas abbootiin amantaa dhimmi hawaasaa isaan ilaallatu hundi miidhaan dubartootaafi daa'immanirra ga'u akka hir'atuufi dhimmichi akka xiyyeeffannoo argatuuf waa'een miidhaa dubartootaafi daa'immaniiratti raawwatamuu bakkawwan ummanni walitti qabame fa'itti lallabamuu qaba.

Akaakuu, sababaafi baay'ina miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'ani tarreessuu qofti furmaata hinta'u. Kanas ragaan waggaa waggaa dhiyaatu mul'iseera. Qaamoleen akka abbootii Gadaafi abbootii amantaa dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun miidhaan dubartootaafi daa'immaniirra qaqqabu babal'iseera. Miidhaan qaqqabaa jirus mirgoota dubartootaafi daa'immanii akka hinkabajamne gochaa jira.

Gochoonni dubartootaafi daa'immaniratti raawwataman babal'achuun dhimmichi xiyyeeffannoo hoggantoota duudhaaleefi amantaa kan hinarganne ta'uu agarsiisa. Kanaaf, hunduu walittiqabachuu dhiisee xiyyeeffannaa kennuufiin gaaga'ama dubartootaafi daa'immanirra ga'u hir'suu qabaan dhaamsa keenya. Miidhaan dubartootaa miidhaakootisi, hincallisu.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeesaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

KEESSUMMAA BARIISAA

“Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa fooyya’ee bahe hojjetaa, ummataafi biyyaaf faayidaa guddaa qaba”

- Nagarii Leencoo (PhD)

Natsaannat Taaddasaatiin

Doktar Nagarii Leencoo Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatti Walittiqabaa Koree Dhaabbii Dhimmoota Misooma Humna namaa, Bobbii Hojiifi Teknolojiiti. Labsii Hojjetoota Mootummaa Federaalaa dhiyeenya fooyya’ee ba’ee fi ragga’erratti hundaa’uun gaafdeebii Gaazexaan Bariisaa Doktor Nagarii waliin taasise akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Bariisaa: Labsii Hojjetoota Mootummaa Federaalaa lakkoofsa 1064/2010 irraa kaasee hojiirra oolaa ture fooyyessuun maaliif barbaachise?

Doktar Nagarii: Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa lakkoofsa 1064/2010 irraa eegalee hojiirra ture hanqinoota gara garaa waan qabuuf qorannoorratti hundaa’uun fooyyessuun dirqama ta’ee argameera.

Labsiin qo’annoo Komiishinii Siivil Sarviisii Federaalaafi qaamolee federaalaafi naannolee dhimmichi ilaallatu adeemsisanirratti hundaa’uun fooyya’ee qophaa’e Sadaasa 10 bara 2017 Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatiin sagalee caalmaan Labsii Hojjetoota Mootummaa Federaalaa Lakkoofsa 1353/2017 ta’ee ragga’eera. Labsichi keeyyattoota haaraa itti dabalamaniifi fooyya’an baay’ee qaba.

Itoophiyaatti mootummaan mootummaa ta’ee erga caasaasaa diriirsee kaasee hanqinoota baay’een ni mul’atu. Hanqinoota kunneen qo’annoorratti hundaa’uun fooyyessaa deemuun barbaachisaadha. Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa kanaan dura hojiirra tures hanqinoota gara garaa waan qabuuf qo’annoorratti hundaa’uun akka fooyya’u ta’eera.

Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa duraan hojiirra tures labsii isa dura ture bu’uura godhachuun qophaa’e. Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa fooyya’ee bahe kunis labsii duraan turratti hundaa’uun akka qophaa’u ta’eera.

Labsiin qo’annoorratti hundaa’uun fooyya’ee dhiyaachuun ragga’e kun hanqinaalee labsii duraan ture keessatti mul’atan furuun hojjettoonni mootummaa tajaajila si’ataafi malaamatummaarraa bilisa ta’e akka kennan, ummannis tajaajila barbaadu akka argatu kan taasisuudha.

Sadarkaa Itoophiyaan irra jirtuufi kenniinsi tajaajila siiviil sarviisii biyyattii walhinmadaalu. Kenniinsi tajaajila hojjetoota mootummaas rakkoo guddaa waan qabuuf ummanni ittiqufiinsa hinqabu. Kenniinsi tajaajilaa qulqullina dhabuufi si’ataa ta’uu dhiisuun, rakkoo naamuusaa qabaachuun uummata ykn tajaajilamtoota qofarratti utuu hintaane guddina biyyaarrattis dhiibbaa qaba.

Ummanni tajaajila barbaadu argachuuf gara dhaabbilee mootummaa wayita deemu mootummaadha jedhee kan ilaalu dhaabbata, hoggantootaafi hojjetoota

mootummaa tajaajila isaaf kennaniidha. Kanaafuu sektarri siiviil sarviisii daaw’itii mootummaati jechuu dandeenya.

Seektara mootummaatti rakkoon bulchiinsa gaarii babal’achuun kufaatii mootummaa ADWUIf sababa waan ta’eef kenniinsa tataajila siiviil sarviisii fooyyessuufi ammayyeessuun babaachisaadha. Kenniinsi tajaajila siiviil sarviisii si’ataa ta’uufi qulqullina dhabuun akkasumas malaammaltummaarraa bilisa ta’uu dhabuun ummatni mootummaa akka komatu taasisaa jira.

Naannawaan hojii mijataa ta’uu dhabuun, teknoloji ammayyaa fayyadamuu dhabuun, meeshaaleen hojiif barbaachisan guutamuu dhabuun, caasaan gurmaa’ina mana hojii tokko hojjetoota baay’ee qabaachuufi faayidaan hojjettoonni argatan ammoo xiqqaaachuufi raawwiin hojii gadaanaa ta’uun rakkolee sektara siiviil sarviisii keessatti mul’ataniidha.

Hojjettoonni siiviil sarviisii baay’een hojjetoota muraasa hojii irraa eegamu ga’umsaan bahatanirratti rarra’anii jiraatu. Hojjetaan dhama’ee hojjetu muraasa. Hojjetaa baay’een ammoo gahumsa gahaa hinqabu. Seektarri mootummaa bal’achuun lakkoofsi hojjetoota mootummaa akka baay’atu taasisaera.

Kunis qaamni olaantummaan humna namaa mana hojii tokkoo madaalu dhabamuurraa madda. Kanarraa kan ka’e dhaabbileen mootummaa hanga aanaatti jiran caasaafi humna namaa isaan barbaachisu ofumaa hojjetanii akka raggaasisan taasisaa jira.

Gama biraan ammoo mindaafi faayidaa hojjetaan siiviil sarviisii argatu xiqqaadha. Tajaajilli hojjetaan mootummaa kennus si’ataafi qulqullina dhabuun, daballiin mindaa yeroo yeroon taasisamaa ture gidduutti dhaabachuun, hojjetaan mootummaa kaka’umsa dhabuufi rakkoleen irrannatti eeraman walitti ida’amanii seektarri siiviil sarviisii bu’aqabeessa akka hintaane taasisaniiru.

Rakkoleen sektara siiviil sarviisii keessatti mul’atan ummanni mootummaa akka komatu taasisuun hariiroo mootummaafi ummata gidduu jiru laaffisu. Akkasumas amantaa ummanni mootummaarratti qabu hir’isaa waan jiraniifi ijaarsa dhaabbileerrattis dhiibbaa uumaa waan jiraniif sektarri siiviil sarviisii biyyattii haala amma jiruun ittifufuu akka hinqabne qo’annoon adeemsifame ifatti lafa kaa’eera.

Biyyi tokko biyya taatee ittifufuu kan



dandeessu ijaarsa dhaabbattummaa yoo qabaatteedha. Dhaabbileen ijaaramanii bu’aqabeessa yoo ta’aniifi tajaajila ittigaafatamummaafi iftoomina qabu kennan yoo mootummaan jijjiirameyyuu carraa ittifufanii tajaajiluu qabu.

Sektara mootummaa keessa hojjettoonni guyyaatti sa’aatii saddeetii ol hojjetaniifi hojii waajjiraa manatti fudhatanii galanii hojjetan akkuma jiran hojjettoonni ga’umsa gahaa hinqambeefi hojii irraa eegamu sirnaan hinraawwannes jiru.

Waajjiraalee mootummaa federaalaa keessa rakkoon sabdaneessummaafi hammattummaas ni jira. Kanaafi rakkolee siiviil sarviisii keessatti mul’atan furuuf dursa imaammanni akka ba’u ta’eera. Labsiin duraan hojiirra oolaa ture imaammata bu’uura kan godhate hinturre.

Labsii kana hojiirra oolchuuf danbiin Mana Maree ministeerotaatii; qaajeelfamni ammoo Komishinii Siiviil Sarviisii Itoophiyaatiin qophaa’eera.

Labsichi rakkoleefi haala qabatamaa biyyattii keessa jiru bu’uura godhachuun kan qophaa’e yoo ta’u, rakkolee sektara siiviil sarviisii biyyattii ni fura jedhamee abdatama. Sektara siiviil sarviisii jijjiiruu baannaan riifoormiiwwan guguddoo akka biyyaatti jalqabaman milkeessuun hindanda’amu.

Riifoormiiwwan guguddoo waggoota ja’an darbanitti sadarkaa biyyaatti adeemsifamaa jiraniin jijjiiramoonni guguddoon

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

“Labsiin Hojjetoota Mootummaa...”

galmaa’aa jiru. Riifoormiiwwan jalqabamaniifi jijjiiramoonni mul’achaa jiran cimani ittifufuu kan danda’an yoo sektarri siiviil sarviisii tataajila ammayyaa’aa, qulqulluufi si’ataa kennuu danda’eedha.

Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa Lakkoofsa 1353/2017 fooyya’ee ba’e rakkoolee sektara siiviil sarviisii keessa jiran furuu, faayidaa hojjetoota mootummaa mirkaneessuu, hojjetaa cimaa kan jajjabeessuufi riifoormiiwwan akka biyyaatti eegalaman caalaatti milkeessuuf gargaara.

Haalli hojjetaa mindeessuu kanaan dura ture beekumsaafi ga’umsa hojjetarratti xiyyeeffatamaa hinturre. Kun ammoo hojjetaan utuu beekumsaafi dandeettii gahaa qabuu sababa qarshii ykn fira sadarkaa hoggansaa gara garaa irra jiru hinqabne akka hinmindeeffamne taasisaa tureera.

Labsichi hojjetaan beekumsa, gahumsaafi dandeettii qabu akka mindeeffamuuf carraa gaarii uuma. Hojjettoonni hojiirra jiran leenjii hojiisaaniitiin walqabatu erga fudhatanii booda qormaata mirkaneessa gahumsa ogummaa akka fudhatan taasisa. Hojjettoonni qormaata kennameef darban hojjetaa ta’anii ittifufu. Hojjetaan waggaaatti qormaaticha yeroo lama fudhatee qabxii darbiinsaa taa’een gad fide hojjetaa ta’ee ittifufuu hindanda’u.

Labsiin kun sektara siiviil sarviisii ifaafi bilisa ijaaruuf gargaara. Hogganaan ykn hojjetaan miseensa paartii ta’e waan barbaade akka hinraawwanneefis daangaa nikaa’a. Sektarri siiviil sarviisii garaa garummaa siyaasaa, sabaafi amantiirraa bilisa ta’ee ummata tajaajiluu qaba.

Bariisaa: Labsii haaraan gama mirga hojjetaa kabajchiisuutiin maal fakkaata?

Doktar Nagarii: Labsichi akka ibsutti hojjetaan tokko sababa gahaa ta’e malee gara hojii biraarratti hinjijjiiramu. Dhimmi hojjetaa tokko gara hojii biraatti jijjiiruu maanaajimantiidhaan ilaalamee yoo itti amaname qofa raawwatama.

Hojjetaan tokko sababoota kanneeniif gara hojii biraatti jijjiiramee hojjechuu hindanda’u jedhee sababa quufsa dhiyeeffachuun mirgasaa kabachiifachuu danda’a. Hojiin dubartiin ulfaa hojjetuu yoo fayyaasheerratti miidhaa kan fidu ta’e fedhiisheetiin yeroodhaaf gara hojii biraatti jijjiiramuu dandeessi. Da’umsaan booda gara hojii idileeshee duraaniitti deebiti. Dubartiin tokko dhiira waliin dorgomtee yoo qabxii walqixa fidde isheedhaaf dursi kennama.

Labsichi iftoominaafi ittigaafatamummaa diriirsuufis gargaara. Kana jechuun hogganaan sektara mootummaa tokko waan barbaade akka hinraawwanne taasisuun hojmaanni ifaafi bilisni akka jiraatu taasisuufis akkasuma. Hogganaan tokko aangoosaatti fayyadamuudhaan hojjetaa tokko yoo miidhe sirna ittiin gaafatamu diriirseera.

Dhaabbileen neetwoorkii diriirsuudhaan miidhaa geessisan yoo karaa sektara



ittiwaamamanii sirni ittigaafatamummaa hordofsiisu diriireera. Labsichi sirna hogganaas ta’e sektarri kamiyyuu aangoosaa fayyadamuun waan barbaadan akka hinraawwanne, yoo raawwatanis akka ittigaafataman taasisu diriirseera. Labsichi hojmaanni ifaafi bilisni akka diriiruuf hojiileefi kenniinsi tajaajilaa hedduun teknolojiin akka deeggaraman jajjabeessa.

Labsiin kun mindaan hojjetaa galiifi haala qaala’insa jirenyaarratti hundaa’uun qo’annoorratti hundaa’ee waggaa afur afuriin akka dabaluu taasisa. Faayidaafi durgoonis haala gabaarratti xiyyeeffachuun waggaa lama lamaan akka fooyya’u dirqamsiisa.

Dargaggoonni ciccimoon ga’umsaafi kenna addaa qaban kanneen yunivarsiitiwwanirraa eebbifaman muuxannoo hojii malee akka mindeeffaman jajjabeessa. Yunivarsiiti utuu barataniis haalli isaan ittiin filataman of keessaa qaba.

Hojjetaan mootummaa tokko utuu hojiirra jiruu yoo lubbuunsaa darbe akka labsii duraan turetti mindaasaa ji’a sadii yeroo tokkotti maatiidhaaf kennamaa ture; yoo soorama ba’uuf yeroonsaa ga’e ammoo mirgi sooramasaa ni eegamaafi. Labsii fooyya’een garuu hojjetaan tokko utuu hojiirra jiruu lubbuunsaa yoo darbe mindaan waggaa tokkoo ykn ji’oota 12 yeroo tokkotti maatiidhaaf akka kennamu taasisa.

Labsichi rakkoo dhabiinsa hammattummaa hanga ammaatti biyyattii keessa ture nifura. Gaaffiin hammatamummaa kun bara mootummaa ADWUIs ka’aa ture.

Erga mootummaan jijjiiramaa kun gara aangootti dhufee as garuu gaaffiin kun deebii argachaa jira. Sabniifi sablammiin biyyattii afaan kamuu dubbatu, bakka kamittuu dhalate, heera biyyattiitti amanu kamuu biyyattii geggeessuu, filachuufi filatamuu danda’a.

Gaheen sabootaafi sablammoota biyyattii sektaroota mootummaa federaalaa keessattis mul’achuu qaba. Siiviil sarviisii Itoophiyaa fakkaatu ijaaruuf ashaaraan sabootaafi sablammootaa siiviil sarviisii keessatti sirriitti mul’achuu qaba. Rakkoolee afaaniin walqabatan furuuf afaanonni shan afaan hojii Paartii Badhaadhinaa ta’aniiru. Wayita heerri fooyya’utti afaanonni shanan afaan hojii mootummaa ta’u.

Labsiin fooyya’e kun hammatamummaa sabootaafi sablammootaa, amanti, afaan, korniyaa, miidhamtummaa qaamaafi sabdaneessummaa mirkaneessa. Mallattoo waliigaltee biyyaalessaatisi.

Qo’annoo adeemsifameen saboonniifi sablammoonni Itoophiyaa 17 hojjetaa tokkoyyuu sektara mootummaa federaalaa keessaa hinqaban. Hojjetoota saboota kanneenii barsiisuudhaan, leenjisuufi ga’oomsuudhaan akkasumas jijjiirraadhaan akka isaan gara sektaroota federaalaatti dhufaniif labsichi nijajjabeessa.

Labsiin kun miidhamtoonni qaamaa ga’umsa qaban leenjiifi deeggarsa barbaachisu akka argatan taasisuun hojii hojjechuu danda’anirratti akka hirmaatan kan taasisuudha. Leenjii akka kennuuf Inistiitiyuutiin Ga’umsaafi Hoggansa Hojiifi labsii kanaan hundaa’eera.

Inistiitiyuutichi leenjii sadarkaasaa eege ni kenna ga’umsa ogummaa ni mirkaneessa, qormaataafi waraqaa ragaa ni kenna. Waraqaan ga’umsa ogummaa kennamu waggaa sadiif tajaajila.

Bariisaa: Sektaroonni ykn hojjettoonni mootummaa federaalaa labsii kana jalatti hinhaammatamne yoo jiraatan?

Doktar Nagarii: Sektaroonni mootummaa haala addaatiin ilaalaman kanneen akka Raayyaa Itisa Biyyaa, Poolisii, Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataafi sektaroonni amala addaa qaban kanneen akka Odiitara Muummee, Mana Murtii Federaalaa, Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa, Mana maree Federeeshinii, Ministeera Galiwwanii, Komishinii Gumuruk, dhaabbilee miidiyaafi kanneen biroon haalli isaan labsii kanaan ala hojjetoota isaanii ittiin bulchan danbii Manni Maree Ministeeroota ykn Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa baasaniin taa’eera.

Akka labsii kanaatti hojjetaa mootummaa jechuun waajjiraalee mootummaa federaalaa keessa dhaabbataan minideffamee kan hojjetu yoo ta’u, Ministeera, Ministir De’ectaa, Komiishinara, Komiishinara Ittaanaa, Daariktara, Daarektara Ittaanaafi sadarkaa walfakkaaturra jiran, dipilomaatota muudamtootaafi ambaasaaddaroota, miseensota Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataafi Mana maree Federeeshiniifi sadarkaa walfakkaaturra jiran, abbootii seeraa Mana Murtii Federaalaa, abbaa alangaa, hindabalatu.

Bariisaa: Akka waliigalaatti Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa fooyya’ee ba’e kun kenna tajaajilaa fooyyessuufi ammayyeessuu keessatti gahee maalii qaba?

Doktar Nagarii: Labsiin Hojjetoota Mootummaa Federaalaa fooyya’ee ba’e hojjetaa, ummataafi biyyaaf faayidaa guddaa qaba. Hojjetaan leenjii barbaachisaafi sadarkaasaa eege akka argatu kan taasisuudha.

Tajaajilli foddaa tokkoo karaa dijitaalaa (online) akka kennamu taasisuun tajaajila qulqullina qabuufi si’ataa kennuu yeroo, humnaafi baasii abbaa dhimmaa qusachuurratti xiyyeeffata. Labsichi tajaajilli siiviil sarviisii karaa ammayyaa’aafi teknolokjiin deeggarameen akka kennamu kan taasisuudha. Abbaan dhimmaa tajaajila argachuuf qarshii tokko utuu hinbaasin tajaajila barbaadu akka argatu kan taasisuudha.

Bariisaa: Yeroo ammaa akka waliigalaatti hojjettoonni siiviil sarviisii Itoophiyaa hammam ta’u?

Doktar Nagarii: Yeroo ammaa akka waliigalaatti hojjettoonni siiviil sarviisii biyyattii miliyoona 2.5 ta’u. Kanneen keessaa hojjettoonni kuma 250n kan mootummaa federaalaa yoo ta’an, 160n ammoo kan Magaalaa Finfinneeti.

Bariisaa: Ibsa bal’aa nuu kennitaniif guddaa galatoomaa.

Doktar Nagarii: Isinis galatoomaa!

Qarreefi Qeerroo

“Pilaastikii ‘haylaandii’ naannawa balfurraa meeshaalee kalaquun qabeenyatti jijjiiraa jirra”

- Dargaggoota Asallaa

Waasihun Takileetiin

Tibba tokko weerarri awaanisaa omishaalee gammoojjii Sudaan daran hubnaan ijaa bahachuuf jecha warri Sudaan awaanisaa nyaataaf oolchuun “Isa nu nyaachuuf dhufe nyaanne” jedhanii umrii awaanisaa gabaabsuu, omishasaaniis baraaruu miidiyaaleen addunyaa gabaasaa turaniiru.

Akka biyya keenyaattis fudhannee yoo ilaalle hojii gabbisa hubannoo mootummaan hojjeten balfi qabeenyatti jijjiiramuu waan eegaleef keessumaa namoonni hojii naannawa qulqulleessuurratti bobba’an kosii kaan funyaan qabatee dheessu jala bu’anii guuruun tajaajilaafi galiif oolchaa jiru.

Rakkoo faalama qilleensaatiin mudatuun dhibeewwann lubbuu dhala namaa galaafatan hedduu yoo ta’an kan naannawa faalu kanaan du’uurra qabeenyatti jijjiirani irraa nyaachuun akka danda’amu qorqalbiin namoota muraasaa jijjiiramee hojiitti hiikamaa jiraachuu Finifneetti qabatamaan arguun nidanda’ama.

Faallaa kanaammoo rakkoo hubannoofi maal nadhibdeerraa kan ka’e pilaastikii bishaanii maqaa haylaandii jedhamee beekamuufi bishaan keessaa dhugame bakka taa’uu qabu kaa’uun osoo danda’amu daandiirratti darbatanii naannawa faaluun uumama balaaf saaxiluu is hammaataa jira.

Rakkoon faalama qilleensa naannawaatiin dhufu kun lubbuqabeeyyii kaanis ta’an biqiloonni gaaga’ama jiraachuu dhabuu keessa akka seenaniif sababa guddaa ta’uu hordofee faalamni qilleensaa hudhaa addunyaa keenya qoraa jiru keessaa isa ijoo ta’uun ka’aa jira.

Dhimma kana maaliif kaaste jechuu dandeessu. Dhiyeenyuma kana Dhimma hojiif gara Magaalaa Asallaa, Kolleejjii Poolii Teeknikii Atileet Qananiisaa Baqqalaa deema turre. Akkuman mooraa kolleejjichaa seeneen foddaa konkolaataatiin libsuu ijaatiin shamarree pilaastikii haylaandii funaantu arge.

Umrii dargaggummaarra jirti. Tarii qulqulleessituudhaa laata jedheen ilaale. Duubarra balfa kaan dhiistee haylaandii qofa keshaadhaan guurtee mana wayiitti yoo naqxun arge. Konkolaataarraa bu’een barreeffama mankuusaa sanarra jiru ilaale, “Mankuusaa Pilaastikii Moodeela Dargaggootaaf” jedhu arge.

Suuronni achirra jiranis qalbii nahawwatan. Sana booda gara Shamarree kanaatti deebi’ee gaawonii adii uffattee ittifufinsaan funaanti. Qaamaan bira gahee yoon ishee ilaalu oljettee dhaabatte ijji keenya walirra bu’e. Qulqulleessituudhaa jedheen gaafadhe. Fuula ifaadhaan, “Ogeettiidha. Ogeettii balfa karadeemaan gatu qabeenyatti jijjiirtudha” jettee kolfaa naa deebiste. Shamarreen Saamraawwiit Waldee jedhamtu tun jiraattuu Magaalaa Asallaa, Ganda 11ti.

Kutaa 12ffaa xumurtee qabxii darbiinsa dhaabbilee barnoota olaanaa waan hinarganneef hiriyootashee muraasa waliin gara Kolleejjii Poolii Teeknikii Atileet Qananiisaa Baqqalaatti fuula naanneffachuu himti.

Isheenis ta’e hiriyoonishii battala gara kolleejjichaa deemanitti dizzaayinii faashinii



barachuuf deemanii isumaan leenji’uu akka eegalan himti.

Duubarra garuu leenjii dizzaayinii faashinii cinatti dargaggoota kaka’umsa qabaniif carraa dabalataa balfaa pilaastikii qabeenyatti jijjiiruu banametti makamuu eerti.

Shamarree Saamraawwiitiifi hiriyoonishee kutannaan carraa uumametti seenuun akka Asallaatti seenaa addaafi jalqabaa hojjechuuf akka carroomanidha kan kaastu.

Balfa pilaastikii haylaandii namni miira maal nadhibdeen daandiirratti darbachuun naannawa faalu irra deemanii funaanuun tajaajila garagaraaf oolchuun qabeenyatti jijjiiraa jiru.

Haylaandii dabalatee pilastikni maalnadhibdeen gatamu qabeenya ta’uu hojiitti hiikanii kan argaman dargaggoonni kunniin sochiin isaaniin jalqabame kun sadarkaa biyyaattillee babal’atee dargaggoota hedduuf carraa hojii dinagdeensaaniitti bayyanatu uumuu akka danda’u kaasu.

Shamarreen tun jalqaba qabxiin darbinsaa dhaabbilee barnoota olaanaa kutaa 12ffaa jalaa yoo hafu gadduu himtee; duubarra garuu kufaatiinshee milkaa’ina guddaa miira ofitti amanamummaa isheetti horu dachaan fidee dhufuu akka danda’e dubbatteetti.

Hojiin pilaastikii haylaandii daandiifi gataa balfarraa funaanuu hammam ulfaataa ta’us osoo dadhabe, mudhuke hinjedhiin hiriyootashee waliin of kennitee funaanuun qabeenyatti jijjiiraa jirti.

Akkuma ogummaa dizzaayinii faashinii filannoosheen barataa jirtu xumurteen carraa dhaabbanni Lammiif Inisheettiiv Foor Inkiluuusiive & Infoormid Laayiiif (L3IL)fi DKA Osteeriya jedhamu kenneefiin ji’oota muraasaaf leenjiin kennameefii itti fayyadama maashinii wajjin erga walbarree pilaastikni haylaandii qabeenya ta’uu ijaan arguu dandeesseetti.

Sun ishee hawwatees umrii dargaggummaa bifa habaaboo fakkaatu baattu kanaan aduufi ija namaaf osoo hinjilbeeffatiin ciinca balfaa osoo hin yakkiin gadi jettee funaanuun amma sadarkaa ol jedhanii deemuurra gahuu dandeesseetti.

Ol jettee deemuusheeffimmoo sababa kan ta’eef kan ormi balfa jedhee gate pilaastikni haylaandii gatiabeessaafi gatiqabeessa ta’uu hojiitti hiiktee argamuusheetti. Erga hojiitti



galtee bu’aa argamsiisuu jalqabdee dhiyoo ta’us ogummaa hindhumne dandeettii addaa haylaandii qabeenyatti jijjiiruu horatteetti.

Shamarree Saamraawwiit yeroo ammaatti Kolleejjii Poolii Teeknikii Atileet Qananiisaa Baqqalaa Asallaatti haylaandiirraa meeshaalee akka harataa, baattuu furtuu, qulfii uffataa, faayawan mana keessaa gara garaa bifa miidhagaafi hawwataa ta’een qopheessaa jirti.

Omishaalee kanneen guyyaatti hedduuminaan qopheessaa kan jirtu yoo ta’u, keessumaa harataa ammayyaa omishan kana dhaabbilee Seftineetiif kallattiin dhiyeessuuf waliigaluu kaasteerti.

Harataan kun dhalattoota biyyaa keessumaa qarreefi qeerroo Asallaan kan omishame umrii dheeraa kan qabu, dhibeefi faalama kan qulleessu waan ta’eef ammaaf gatiinsaa murtaa’uu baatus gatii madaalawaan dhiyeessuuf qophiitti jiraachus himti.

Dhuunfaadhaan bitachuuf fedhiin jiraatus bu’aa dhamaatii keenyaa salphaatti deebisuu kan danda’u karaa dhaabbileeti jettee sana erga milkeeffataniis kutaalee hawaasaaf karaa itti walgahuu danda’urrattis hojjetaa jiraachuu dubbatti.

Gama biraatiin qulfiin uffataa keessumaa kan kettaa (shamizii) osoo asitti omishamuu danda’uu alaa galchuun biyyi keenya baasii humnaa oliif saaxilamaa jirti. Kun akka hafuufimmoo tarkaanfii isaan fudhatan kun mala dhaleera.

Qadaada pilaastikii haylaandiirraa qulfii uffataa sadarkasaa eeggate hojjechuun dhaabbilee uffata hodhanniif dhiyeessuuf mariirra jiru. Kanamalees baattuu furtuu ismaartiifi qabannaaf mijattuu taate jaalala biyyasaaniif qaban agarsiisuuf kaartaa Itoophiyaatiin bocuun mallattoo Asallaa, Itoophiyaa jedhu itti maxxansuun dabalataan omishamaa jira.

Akka shamarreen tun jettutti pilaastikni kun tajaajilawwan hedduuf ooluu akka danda’u turtii leenjii fudhattetti kan ijaarante yoo ta’u, yeroo muraasa booda bal’inaan irratti hojjechuun eeggattummaa seenaa gochuuf jiraachuu eerti.

“Kutaa 12ffaatti qabxiin hafuunsaa duraan natti dhagahamee ture. Amma garuu inni Waaqayyoo waan godheef qaba jedhamu ogummaa dachaa naaf dhalee namummaatti deebi’eera” jetti.

Dargaggoota akkakoo guddinarra jiraniif

ergaan qaba kan jette Shamarree Saamraawwiit; barnoonni teeknikiifi ogummaa dhaba hinwayyuu ykn kanneen kutaa 12ffaa kufanii itti seenan osoo hintaane darbaniillee seenanii barachuun dirqama ta’uu hubachuu dubbatti.

“Sababnisaa leenjii gabaabaa ji’oota muraasaan, haadha ykn abbaa ogummaa ta’uun eeggattummaa seenaa gochuun akka danda’amu argeera. Kanaaf dammaqaa jedha” jetti.

Yeroo ammaatti kudhan ta’anii hiriyootashee waliin balfaa pilaastikii meeshaalee garagaraa qopheessaa haala gabaas mijeeffataa kan jiran yoo ta’u, giddugalli gabaa ykn walitti hidhamiinsi gabaa mijataa ta’e hinuumamneef.

Giddugalli isaan itti leenji’an bakka leenjii qofa kan qabu waan ta’eef mootummaan giddugala gabaa akka mijeeessuufii gaafataa jiru. Dhaabbileen mootummaata’an mitmootummaa bu’aa hojiisaanii kana ilaalani tajaajilaaf oolchuun omisha biyyaatiin fayyadamuu akka qaban waamicha dhiyeessiteetti.

Dargaggoonni ogummaan kan nama boonsudha malee kan nama boossisu miti, ji’oota muraasa keessatti leenjii gabaabaa fudhatanii ogummaa guddaa dhuunfachuun eeggattummaafi hiyyummaa seenaa gochuun ofirra darbanii dargaggoota biroof wabii ta’uun barbaachisaadha jechuun ibsiti.

Dargaggoon tokko tokko dhaabbilee barnoota olaanaarraa eebbifamee bahuun waggoota dheeraaf hojii barbaacha yoo jooru argina. Warra akkanaatiif gorsan qaba kan jettu Shamarree Saamraawwiit turtii yunivarsiitiin boodas yeroo gabaabaatti leenjiin ogummaa waan kennamuuf hintuffatiinaa fayyadamaa taatu nama ta’uu barbaannaan ogummaafi teknikaaf xiyyeeffannoon akka kennamu dubbatti.

Dargaggoota; aadaan hojii balfaa qabeenyatti jijjiiruu biyya keenya keessatti erga eegalamee dhiyoo ta’us bu’aalee jajjabeessoo galmaa’aa jiraachuun haqa mul’atuudha.

Haata’u garuu rakkoon ilaalchaa ogummaafi teeknikii galanii barachuu fayyadamummaa dhalootaa ykn dargaggootaa hubaa kan jiru waan ta’eef hojiin hubannoo uumuu cimuu qaba. Dhaloonnis dammaquu qaba. Kan baranneen qofa hojii barbaanna ilaalchi jedhu umrii malee hiyyummaa nurraa hinfixuun ergaa keenya.

Abbaa Sa'aa



Mandara Qulqullinaa: Jalqabbii Bayyanannaa Itoophiyaa

Saamraawit Girmaatiin

Mandarri Qulqullinaa Ministeera Daldalaafi Qaxanaatiin ijaarame Sanbata darbe bakka Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahimad (PhD) argamanitti eebbifameera. Mandarri kun lafa heektaara 7.2 irra kan qubateefi gamoowwan 20 kan irratti ijaaraman yoo ta'u gamoowwan dura bakkicha turan haareessuu, kanneen dabalataa ijaaruufi laabraatooriin sakkatta'iinsaa sagal dhaabuun walqabatee qarshiin biliyoona 8.2 baasii itti ta'eera. Mandarri kun keessoosaatti teknolojiwwan addaddaa addunyaan irra qaqqabdeefi qulqullina mirkaneessan kan qabudha.

Laabraatooriin saglan mandaricha keessa jiranis qulqullina omishaa kan mirkaneessan yoo ta'u, kunneenis makaanikaala, gogaa (leather)fi paakeejiingi(sirrummaa qodaawwan waa ittiin saamsuuf fayyadan), meeshaalee elektirikii, nyaataafi omisha qonnaa akkasumas keemikaala kan sakatta'aniidha.

Ministirri Muummee Itoophiyaas erga mandara kana daawwatanii booda akka jedhanitti, guddina biyya tokkoof dhaabbilee akkanaa ijaaruun dirqama yoo ta'u, kunis sadarkaa addunyaattillee kan dorgomsisuu danda'u ta'uu qaba. Moggaasa biyyoolessawaa 'National Quality Infrastructure (NQI)' jedhu akka qabaatu kan taasifameefis kanaafi. Mooraa kana keessatti dargaggoonni kumaan lakkaa'aman carraa hojii argachuun hojjetaa jiru. Keessumaa, nyaata, huccuu, fayyaafi ijaarsarratti omishawwan akaakuu hundaa ni suphu, ni sakatta'us. Omishni biyya alaatti ergamu kamuu mandara kanatti sakatta'amee ulaagaa biyyoolessaa guutuun isaa mirkanaa'a. Akkasumas wantoonni alaa galan osoo gara gabaatti hinraabsamiin dura qulqullinnisaanii ni sakatta'ama.

Dameewwan nyaataa, fayyaafi huccuu wantoota fayyaa namaaf murteessaa ta'uu eeranii, tuttuqqii harkaa xiqqoodhaan lubbuu namootaa gaaga'uu waan malaniif dhaabbata akkanaa qabaachuun keessumaa Itoophiyaadhaaf ayyaantummaa ta'uu kaasu. Dhaabbata

akkanaa biyyoonni Afrikaa muraasni kan qaban ta'us kan Itoophiyaaf muuxannoo kan irraa fudhatame Afrikaa Kibbaa dhaabbata 'CSR' jedhamuufi waggoota 20 dura dhaabbatterraa ta'uus eeru.

Itoophiyaan dhaabbata akkanaa akka qabaattuuf waggoota dheeraaf itti ifaajamuu kan himan Doktor Abiyyi, har'a ija godhatee meeshaaleen guutamani, ogeessoni leenji'ani haala guutuu ta'een sadarkaa idil addunyaatti dorgomuu danda'aniin ijaaramuu himu. Omishaaleen mandara kanatti sakatta'amani ba'an gabaa biyya kamiirrattiyyuu dorgomoo ta'uufi haala salphaan fudhatamummaa argachuu akka danda'an eeru. Yunvarsitiwwanis barattootasaanii dameewwan fiiziksii, keemistirrii teknolojiidhaan barsiisan mandara kana fidanii akka ilaalan osoo taasisanii beekumsa qabatamaa akka argatan kan isaan fayyadu ta'uus dubbatu.

"Dhaabbileen akkanaa Fulbaanatti karoofamanii, Onkololeessatti kan eebbifaman miti. Waggaa lama sadii fudhachuu danda'u. Nama qopheessuu barbaada, meeshaa argachuu gaafata, yeroo bal'aas gaafata. Kanas ta'u waggootan muraasa darban hojiiilee ciccimoo akkanaa karoofannee hojjennee, bu'aa jajjabeessaas itti arganneerra. Dhaabbilee biyyoolessaa ijaarre keessaa mandarri kun sadarkaa tokkoffaadha yoo jedhame illee gurra guddisuu hinta'u. isa kana garuu kan hubatan namoota seektaricha keessa jiran qofa. Galii aleergii ni guddisa, meeshaaleen qulqullina qaban akka biyya seenan taasisa. Gama hundaan yommuu madaalamu bara bayyaannannaa Itoophiyaa kan itti madaalamudha" jedhu.

Mandarri guddicha akka kanaan ijaaramee eebbifamuun isaa Itoophiyaaf hiiknisaa olaanaa ta'uufi muuxannoon waggoota 20 dura barnootaaf gara Afrikaa Kibbaa deeman argan dhugoomuusaattis gammaduu ibsu. biyyoonni ijaarsa bu'uuraalee misoomaa bal'inaan hinqabne guddina waaraa fiduu waan hindandeenyeef barbaachisummaan dhaabbilee akkanaa murteessaa ta'uufi hojii daandii, raayyaa ittisaafi dhaabbilee nageenyaa ijaaruu caalaa murteessaa

ta'e ta'uusaas ni eeru. keessumaa damee elergiif murteessaa ta'uufi biyyattiin biyya omishni qulqullina itti kuufamu osoo hintaane omishni qulqulluu biyyashee seenuu akka taasisus ni himu.

Ministirri Muummee Ittaanaa Obbo Tamasgeen Xurunaas sirna eebba mandarichaarratti akka jedhanitti, Itoophiyaatti hojiiileen guddina dinagdee waareessuu danda'an hojjetamaa jiru. Mandarri qulqullinaa Ministira Daladalaafi Qaxanaatiin hojjetame kunis agarsiistuu kanaati. Mandarri kun omishaaleen Itoophiyaa qophii gaariidhaan gabaa biyyoolessaa keessatti akka dorgomaniif karaa kan banuufi Itoophiyaan qulqullina omishaalee akka sakattaatu kan dandeessisu yoo ta'u, piroojektii kana sadarkaa dorgomaa ta'een dhugoomsuun danda'ameera.

Ministeerri Daldalaafi Qaxanaa Doktor Kaasaahun Gofee gamasaaniin ijaarsi mandara qulqullinaa dhugoomu kun abjuu hojiitti hiikuun akka danda'amuuf agarsiistuu ta'uu fuula miidiyaa hawaasummaasaaniirratti eeranii, adeemsa obsa fixachiisaa dheeraa booda eebbaaf qaqqabuusaa ibsu.

Univarsiitii Finfinneetti Hayyuufi Qorataa Dinagdee kan ta'an Doktor Birhaanuu Danuu dhimma kana ilaalchisuun yaada Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, mandarri qulqullinaa ijaarame kun biyyaaf faayidaa olaanaa qaba. Sababni isaa Itoophiyaan omishaalee hedduu alatti ergiti, alaas galchiti. Kanaaf omishaalee galaniifi ba'an kanneen ulaagaasaanii eeguura darbee omishni qulqullina qabu gabaa biyya keessaafi alaatiif akka dhihaatu taasisa.

Meeshaaleefi omishawwan alatti ergaman qulqullina qabu jechuun hiikaansaa olaanaa ta'uu himanii, keessumaa maqaa biyyaa baatanii gabaa addunyaarratti dorgomuu danda'uun isaanii faayidaa hedduu akka qabu himu. Sharafa alaa argamsiisuura darbee humnaafi dandeettii omishuu biyyattiin qabdu waan agarsiisuuf biyyoonni addunyaa omisha ishee akka filatan, amanan darbees gara biyyattii dhufanii akka omishaniif karra akka banu ibsu.

"Inni biraan Dhaabbata Daldalaa Addunyaa (World Trade Organization) biyyoonni addunyaa akkamiin walitti dhufanii daldaluu akka danda'aniifi omishaaleesani waljijjiiru danda'an mijeessa. Kanaafis seeraa, taarifa, gatiifi qajeelfama addaddaa baasuun itti gaggeeffama. Itoophiyaan dhaabbata sana keessa seentee hinjirtu. Kanaaf dhaabbata sana keessa seenuuf ijaaramuun mandara kana baay'ee gargaara. Itoophiyaan achi keesse seente jechuun ammoo biyyoota miseensa ta'an hunda wajjiin hojjechuuf carraa uumaaf. Omisha ishees gabaa biyyoota miscensota dhaabbatichaatti ergachuuf bilisummaa ni qabaatti" jedhu.

Dabalataanis beekantiifi fudhatamummaa biyyattii dabaluu biyyoota addunyaa biratti ija gaariin akka ilaalantu taasisa kan jedhan Doktor Birhaanuu, hariiroon dinagdee akka cimuuufis carraa olaanaa ta'uu kaasu. Abbootiin qabeenyaallee carraa kanatti fayyadamuun omishasaanii gara Itoophiyaatti ergachuu darbees, Itoophiyaa dhufanii omishuuf shakkiifi sodaa akka hinqabaanne waan taasisuuf faayidaan isaa olaanaa ta'uu addeessu.

Kanneen alaa galanis qulqullinaafi sadarkaasaanii kan eeggatan yoo ta'e, hawaasni biyyattii nyaata, fayyaa, barnoota, uffataafi omishawwan biroo qulqullina qabu waan argatuuf fayya buleessa akka ta'u eeranii, lammiin fayyaa qabu ammoo guddina dinagdee biyyaa tumsuu keessatti shooraa olaanaa akka qabu dubbatu.

Bakki qulqullummaan omishaa itti mirkanaa'u jiraachuun isaa omishtoonnis hojii hojjetan qulqullummaadhaan akka hojjetan akka taasisu eeranii, kunis miira waldorgommii isaan gidduutti uumuurra darbee, omishni sadarkaan gadi omishamee qabeenyi qisaasamu akka hinjiraanne waan taasisuuf faayidaa damdaneessa akka qabu ibsu.

Akka waliigalaatti ijaaramuun mandara kana faayidaa inni dinagdee biyyaaf qabu olaanaa ta'uusaatiin, keessumaa aleergitoonniifi kanneen omisha alaa galchan carraa kanatti fayyadamuun hojii caaluuf of qopheessuun barbaachisaadha.

AADAIFI AARTII

Badhaasaafi beekamtii Badhaasa Gaaddisaa marsaa 3ffaa

Charinnat Hundeessaatiin

Barreessaa Gaaddisaa Birruu nama bara jireenyasaanii guddina ogbarruu Oromootiif bu'uura jaba kaa'aniidha. Isaan namoota Afaan Oromootiin asoosama barreessuu eegalan keessaas hangafa.

Bara 1983 Asoosama Kuusaa Gadoo jedhamu; baruma eerame kana Galmee Jechoota Afaan Oromoo namoota kaan waliin ta'uun; Barruulee Birmata jedhamu bara 1985; Kitaaba 'Peace and Reconciliation' jedhamu Afaan Oromoofi Amaaraatti jijjiiruun bara 1993; Asoosama Dhaamsa Abbaa jedhamu bara 1994; Fedhii gamtokkeefi ogbarruu gaggabaaboo biroo bara 2001; Namummaafi ogbarruu gaggabaaboo barreessitoota biroo waliin bara 2004; Asoosama 'Burreen bifa tokkoo miti' jedhu bara 2007 barreessanii maxxansisuun dubbiftootaaf dhiyeesaniiru.

Obbo Gaaddisaan namoota Waldaa Barreessitoota Oromoo hundeesaan keessaas tokko yoo ta'an, waldichas pirezdaantummaan waggoota afuriif tajaajilaniiru.

Barreessaa cimaan guddina ogbarruu Oromootiin karaa saaqan kun baatii Adoolessa bara 2013 umriisaanii waggaa 63ffaatti addunyaa kanarraa boqotaniiru.

Isaan lubbuudhaan boqotanis hojiifi maqaansaani jiraataan garuu dhaloota dhufaa darbaan yaadatamaafi leellifamaa ittifufu; keessumaa karaa badhaasa maqaasaaniitiin moggaafamee waggaa waggadhaan adeemsifamaa jiruun.


Badhaasni Ogbarruu Gaaddisaa Waldaa Barreessitoota Oromiyaatiin adeemsifamu kun baranas marsaa 3ffaaf Dilbata darbe barreessitoota guddina ogbarruu Oromootiif gumaachaniifi beekamtii badhaasa kenneera.

Sirna beekamtii Badhaasaa Finfinnee, Hoteela Ilillii Intarnaashinaalitti adeemsifame kanarratti maatiin barreessa gameessa Gaaddisaa Birruu, hayyoonniifi buleeyyiin akka Gaazexeessaa Barreessaa Isaayaas Hordofaa; barreessaan, leenjisaan tiyaatiraafi taatoo Diimaa Abarraa, barreessaan diraamaafi tiyaatira Mootummaa Asaffaa, miseensi Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataa Obbo Mahaammad Qophe dabalatee keessumoonni hedduun biyya keessaafi alaa hirmaataniiru.

Sagantaa akkuma aadaa Oromooti eebba maanguddootaatiin baname kanarratti ogbarruu Oromoo keessatti waan guddaa gumaachan kanneen lubbuun jiranis ta'e hinjirre daran leellifamaniiru. Jabduu isaan damicharratti hojjetanis haala hawwataadhaan dhiyaateera.

Waltajjicharratti Doktor Gammachuu Magarsaa badhaasa bara jireenyaa kan argatan yoo ta'u, Barreessaa Gaaddisaa Birruu, Abbaa Bariisaa ykn Abbaa Dikshinari jedhamuun kan beekaman Pirofesar Mahaadii Hamiid Muudee, Gaazexeessaa Ibraahim Hajji Alii, Barreessaafi Gaazexeessaa Gadaa (Tasfaayee) Gabra'aabfaan waraqaa ragaa beekamtii badhaasa argataniiru.

Kanneen malees dubartii, hayyuufi cimtuun ogummaawwan adda addaatiin badhaate walalessituun, ogeettiin xiinsammuufi fayyaa akkasumas barreessituun darbees weellistuu Doktor Zabiibaa Roobaa Gafarsoos namoota



gaafas badhaafamaniifi beekamtii argatan keessaa tokko. Gaazexaan Bariisaa hayyuu hundagaleettii nama tokko taatee akka namoota hedduutti lakkaa'amuufi umriishii gararraa waantota baay'ee hojjetta tana waliin turtii gabaabduu ittaanu taasisera.

Doktor Zabiibaa Roobaa Gafarsoo

Kanin dhaladhe Godina Arsii Lixaa, Magaalaa Dodolaatti. Umrii koo waggaa 11tti gara Awustiraaliya deeme. Barnoota koo sadarkaa 2ffaas achuma Awustiraaliyaatti baradhee yunivarsitii seenee hanga ALA hanga bara 2010tti achuma turee bara 2021 gara Ameerikaatti qajelee. Amma teessoon koo Ameerikaa, Kaalifoorniyaa, Magaalaa Saandiyaaagoo jedhamuudha.

Maatiin wajjin jiraadhuufi hawaasni naannawaa Afaan Oromoo waan bal'inaan fayyadamaniifi afaan ibsituu enyummaa waan ta'eef dagachuu hindanda'u; sirumayyuu kitaabota heddu ittiin barreessaan jira.

Hojii irratti bobbaate

Ani walaleessituudha, barreessituudhas. Gama ogummaa kiyaatiin ammoo saayikolojistii (ogeettii xiinsammuu)ti. Ogeettii fayyaatisi. Wal'aansa onneerrattin ispeeshaalaayiz gochaa jira. Dhiyeenya eebbifamus ogummaa koo kanaan Ameerikaatti tajaajila kennuu jalqabeera.

Biyya kiyya, Itoophiyaatti ammoo dhaabbata dhuunfaa koo ykn hospitaalaafi yunivarsitii banuuf sochiirran jira. Ergan waanan harkaa

qabu kana dhugoomsee ummata kiyyas nan tajaajila jedheen qophiirra jira jechuudha.

Kitaabota barreessite

Ani kitaabota 10 barreesseera. Kitaabota kanneen keessaa kan Afaan Oromootiin barreeseefi Ingiliffaan barreese Afaan Oromooti hiikes jiru. Kanneen keessaa kitaabonni saddeet maxxanfamaniiru. Kitaabota lama bara darben barreesse.

Lamaan kanneenis maxxansiisee ummata biraan gahuuf tattaafataan jira. Kitaabonni jaha asoosama yoo ta'an, tokko tokkoonsaanii fuulawwan 500, 500n qabu. Kitaabota guguddoodha. Afransaani ammoo kitaabota seenaati. Kitaabonni seenaa kunniinis tokko tokkoonsaanii fuulawwan 500, 500 qabu.

Kitaabota saddeet maxxansiisee ummata biraan gahe keessaa shan asoosama, sadii seenaadha jechuudha. Kitaabota kanneen ALA bara 2009n barreessuufi maxxansiisuu eegale. Kitaabni asoosamaa tokkoffaan matadureensaa, "Yaadannoon Hindu'in" jedha. Lammaffaan "Yuuboo" jedhama, kunis asoosama.

Bara 2020s kitaabota laman (asoosamaafi seenaa) barreesse. Matadureensaani "KORMA NYAARAA"fi "BOKKUU" jedhamu. Bara 2021 ammoo kitaabota "MILOO"fi "TASBEE DURBAA" jedhamanin barreese maxxansiise.

Bara 2022 kitaabota "DANBALII"fi "DHADDACHA WALAABUU" jedhamanin barreesse. Bara 2023 ammoo kitaabota



Doktor Zabiibaa Roobaa Gafarsoo

"SHANACAA"fi "XIIFA ARSEE" jedhamanin barreesse.

Iccitii nama tokko taatee akka namoota hedduu...

Iccitiin dandeettii koo kanaa Iffaa abbaan kiyya barsiisaadha; hayyuu seenaatisi. Abbaan keenya umrii keenya daa'imummaatti xalayaarraa eegalee akka dubbisnu nu jajjabeessaa ture. Abbaan kiyya waanin barreesses ilaalee naa sirreessaafi na jajjabeessaa ture. Anis achumarraa ka'een dandeettii dubbisuufi barreessuu gabbifachuu ittifufe. Ergan akkan barreessuu danda'u hubadhee booda waanin fedhii qabuuf kitaabota kanneen barreesse.

Iddoowwan kitaabonni itti argaman

Kitaabonni koo biyya keessatti Adaamaa, Shaashamanneefi Dodola; alatti ammoo Ameerikaafi Awustiraaliyaatti argamu. Yunivarsiivwan guguddoo Awurooppaatti argamanittis raabseera. Feesbuukiifi marsariitii koorrattis ni argamu. Feesbuukiin koo maquma koo 'Zebiba Roba' jedhuun, akkasumas marsariitii koo 'yadanonhindu'in' jedhurraas argachuu danda'u. Feesbuukiiratti Afaan Oromootiin, marsariitiratti ammoo Ingiliffaanin hojjetta. Gorsa saayikolojiis karaa miidiyaalee kanneenii waanin kennuuf dubbistoonni Bariisaa na hordofuu danda'u.

Dhaamsa dargaggootaaf keessumaa shamarraniif

Yoo jabaatanii tattaafatan ykn hojjatan shamarrummaa ykn dubartummaan waan tokko hojjechuurraa nama hindhorku. Sirumayyuu dubartoonni dhiirota caalaa jajjaboodha; yoo kutannoo qabaatte.

Waa hunda dura kutannootu barbaachisa. Hojii tokko hojjechuuf dura kan barbaachisu yaada. Yaadatu gochatti jijjiirama. Kanaaf shamarran yeroo hunda of ta'anii socho'uu qabu. Shamarran tokko ofitti amanamummaa yoo qabaatte eessayyuu gahuu nidandeessi.

Yoo dogoggorte qajeelfataa, yoo hinbeekne barataa waan yaadde milkeeffachuu dandeessi. Kanaaf waantin shamarraniif dhaamu tokkoffaa ofitti amanamummaa akka qabaatan, lammaffaa waanti dubartummaa jedhamu maaluma gochuuraayyuu kan isaan hindhorkine ta'uu hubatanii cimani akka tattaaffiisaanii ittifufaniidha.

Industiriin keessa jiran hundisaa akka goota dirree waraanaatti duuluu waan ta'eef isaanis akkasuma bakka irratti bobba'anitti cimaniifi cichanii tattaafachuu qabu. Bakka jirtanitti otoo hinsodaatiiniifi duubatti hinjedhin dandeettii keessanitti fayyadamaan jedhaan.

Ilaamee...

Milkaa'ina gabbisuu, qormaatilee injifachuufi dogoggora sirreeffachuun kallattii fuulduraa Paartii Badhaadhinaati

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Kabaja hundeeffama Paartii Badhaadhinaa waggaa 5ffaa ilaalchisee Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad milkaa'inoota galmaa'aniifi qormaatilee buleeyyii hedduu kaasanii.

Jijjiiramni dhiibbaa ummataatiin dhufeefi hoggansa kallattii godhate waggoota shanan darbanitti seenaa Itoophiyaa keessatti injifannoowwan cululuqoo hedduu galmeessisuu danda'eera. Seenaa Itoophiyaa keessatti gaaffiileen waggoota hedduuf gaafatamaa turan deebii quufsa argataniiru. Jijjiiramichi cabiinsa darbe kan suphu, har'a kan bu'ureessuufi bor kan qajeelchu ta'uu Doktor Abiyi ibsanii.

Waggoota ja'an darbanitti fooyya'iinsa imaammata, seeraafi hojmaataa qofa osoo hintaane aadaan biyyattii, siyaasni jibbiinsaa akka dagaagu, sabummaan, ilaalchi siyaasaafi tooftaan qabsoo akka waldhiitan gochuun gufuu imala siyaasa ammayyaawaa ta'uu kaasanii.

Paartiin Badhaadhinaa karaa duudhaalee siyaasaa buleeyyii gabbisuufi cabiinsa suphuu danda'uun hundeeffame. Paartichi keenyan sirna siyaasaa moggaafi gidduu, murteessaafi deeggaraa, horsiisee bulaafi qonnaan bulaa, tarkaanfataafi harkifataa jedhaman diiguun ijaarsa yaada mo'ataa



uumu danda'eera. Garaagarummaa yaadaa akka faayaafi duudhaatti fudhachuun paartiilee morkattoota akka diinaatti hinlakkoofnes jedhaniiru.

Paartiin kun ilaalcha yaadamaatti qofa kan cichu osoo hintaane yaada qajeeltoo hunda kan deeggaru, sablammoota hundaaf qixa kan dhaabbatu malee paartii sabummaan sakaalame miti.

Dhaabbileen amantaa gidduseentummaa mootummaarraa bilisa ta'anii amantaasaanii akka adeemsifataniif qoodni Paartii Badhaadhinaa olaanaadha jedhanii; dhaabbileen amantaa bilisummaa qixa sirriin fayyadamuurratti qaawwa qabatanis

mootummaan gidduseentummaa tokko malee akka seera amantaasaaniitti akka adeemsifatani taasisuu eeran.

Kana malees, paartichi waldhabbi hoggansa mana amantaa Ortodoksii Itoophiyaa gidduu ture akkasumas waldhabbi hoggansa mana maree waliigalaa dhimmoota Islaamummaa Itoophiyaa gidduu ture karaa nagaan akka furum taasisera. Gaaffiilee seera qabeessummaa Manneen Amantaa Amantoota Warra Wangeelaa Itoophiyaafi Mana Maree Waliigalaa Dhimmoota Islamummaa Itoophiyaa kan jaarraa walakkaa lakkoofsiseefis deebiin kennameera.

Dhaabbileen siivikii jijjiirama dura 1900 qofa turan gara 3300 ol guddachuu cinatti dhaabbileen dimokraasii jijjiirama dura walabummaafi amanamummaa dhabuun qeeqamaa turan walabummaan akka hojjetan taasifameera.

Boordiin Filannoo Biyyaalessaa, Komishiniin Mirga Namoomaa, Dhaabbatni Abbagaar Ummataafi Abbaan Taayitaa Miidiyaalee akka haaraatti akka gurmaa'an taasifameera. Qajeeltoon seeraa walabummaafi loogiiirraa bilisa ta'anii hojjechuuf isaan dandeessisu tolfameeraaf.

Jijjiirama dura miidiyaaleen 122 turan ammaan tana 272tti guddataniiru.

Buufatoonni televiziyinii 25 turan gara 78tti, buufatoonni raadiyoo 52 turan gara 73tti, uwwisni afaanota 39 turan gara 60tti guddachuu danda'aniiru.

Dhukkubbii mataa kan ture boodatti hafummaan rogawwan maraa gara ammayyaatti tarkaanfachu eegalu eeranii; beela hamaan beekamuu keessa qamadii gara alaatti erguu danda'uun cinatti Sagantaa Maaddii Guutuun omishaalee garaagaraa dachaa lamaan omishuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuun danda'ameeras jedhaniiru. Sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin biqiltoonni faayidaalee garagaraa qaban biliyoonni 40 dhaabachuu yaadachiisaniiru.

Gama industiriin omishaalee alaa galan hedduu biyya keessatti omishuun akka danda'ameefi gama dijitaalaa yizeeshiniin intelejensii artifishaalaafi dijitaal Itoophiyaan milkaa'inni boonsaan argameera. Kaffaltiifi sochiin maallaqaa gama dijitaalaa raawwatame qarshii tiriliyoona 9.6 ta'uus eeraniiru.

Misooma koriidariin magaalota ammayyaawoo jireenya dhala namaaf mijatoo ta'an uumamuu kaasanii; gama fooyya'iinsa dinagdee, dippiloomaasii, dirree siyaasaafi hariiroo hawaasummaatiin injifannoowwan boonsoon galmaa'uu ibsanii.

Beenyaan misooma koriidariin walqabatee kennamu beenyaa manaa malee kan lafaa miti

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Magaalaan Finfinnee misooma koriidarii marsaa jalqabaa xumurtee marsaa lammaffaa erga eegaltee bubbuleera. Hojii misooma koriidarii kana guddina magaalattiin irra geeseen walsimsiisuuf dizaayiniifi sadarkaan qulqullina ijaarsaa yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa jira. Finfinnee kaleessaafi har'aa wanti tokko taasisu maqaa yoo ta'e malee miidhaginaafi ijaarsa bu'uuraalee misoomaatiin sadarkaa waliin madaaluun hindanda'amnera geesseerti.

Sadarkaa misoomni koriidarii marsaa lammaffaa irra jiru ilaalchisanii miidiyaaleef tibbana ibsa kan kennan Kantiibaa Ittaanaan Magaalaa Finfinnee Obbo Jaanxiraar Abbaay akka jedhanitti, Finfinneen guddina ajaa'ibaa keessa jirti. Magaalaa teessoo Gamtaa Afrikaafi dippiloomaatota idiladdunyaa taate tanaaf guddinni rogawwan maraa ni malaaf.

Misoomni koriidarii marsaa lammaffaa kun kallattiilee garagaraatiin hojjetamaa kan jiru yoo ta'uu, akka moggaasa yeroo ammaatti Iffaan, Seensa Kibbaa (South Gate)- Addababa'ii Dayaasporaa-Magganaanyaa hanga Addababa'ii Masqalaatti; 2ffaan Addababa'ii Masqalaa-Daandii Charchil- Araat Kiiloo - Kaazaanchiis; 3ffaan Kiiloo Afur-Shiroomeedaa-Inxooxxoo, 4ffaan 'CMS'-Summiit-Gooroo- Daandii Qilleensa Itoophiyaa akkasumas Saarbeet-Labuu hanga Laaftoofaa of keessatti hammata.

Misoomni kun lafa bal'aa hektaara kuma 800 ol of keessatti kan uwwisu yommuu ta'uu,

bal'innisaa kiiloometira 135dha. Bakkeewwan ummatni itti bashannanu 79, deemsa miilaa/ lafoof kan ta'uu daandii kiiloometira 237 kan qabuudha.

Paarkiiwwaniifi tarminaalota 114 kan qabuufi daandii bishikiliitii kiiloometira 111 dheeratus of keessatti hammata. Riqichoota 50 kanneen konkolaataafi lafodeemtonni irra qaxxaamuruu danda'an akkasumas bakka daa'imman itti bashannanan hedduu of keessaa qaba. Kana malees, pirojektonni qarqara Lageenii Inxooxxoo-Piikookiifi Gullallee-Piikook qaama misoomichaa ta'uu Obbo Jaanxiraar ibsanii.

Ijaarsa misooma koriidarii kanaan walqabatee abbootiin qabiyyee 2,074 kaafamtoota misoomaa ta'uu. Beenyaan waliigalaa kaafamtoota misoomaa kunneeniif qophaa'e qarshii biliyoona 8.8 yommuu ta'uu, hanga ammaatti namoota 500 ol kaafamaniif beenyaan qarshii biliyoona 4.6 kaffalameera. Kanneen hafanis yeroo ittaanutti kan kaafaman ta'a.

Akka isaan jedhanitti, Finfinnee bakka kamittuu namni mana jireenyaa seeraa qabu beenyaan kan herregamuuf sadarkaa manaarratti hundaa'a malee kallattii lafaatiin miti. Kunis mootummaan lafa hundaafuu walqixa dhiyeessaa waan jiruuf beenyaan lafaa nama kamiifuu hinkennamu.

Manneen magaalattii sanada hinqabneen walqabatee keessumaa manneen qarqara lageenii jiran hedduun sanada akka hinqabne beekamaadha. Manneen callisuun ijaaraman osoo hintaane manneen ulaagaa sanada maleeyyiin guutan seeraafi qajeelfamaan keessummaa'u.



Misooma koriidarii Magaalaa Finfinnee

Haaluma kanaan manneen ulaagaa guutan carraqabeeyyii ta'uusaanii Kantiibaa Ittaanaan kun eeraniiru.

Namootni mana gandaa keessa jiraataa turan durumayyuu manni gandaa kan mootummaa ta'uunsaa beekamaa ta'us lammiileen akka hinmiidhamne deeggaruuf manneen gandaa kiraan yookiin manneen waliinii kan dhiyaataniif ta'a. Namoota hundaaf mana dhiyeessuun humna mootummaafi biyyattiin ol waan ta'eef namoota mana kiraa keessa jiraataa turaniif manni hindhiyaatu.

Gama biraatiin manneen namoota kaafamaniif kanaan dura kennamaa tureen walqabatee komii bu'uuraalee misoomaatiin walqabatee calaqqisaa ture hundeerraa furuuf koreen hundaa'ee duulli jabaan adeemsifamaa akka jiruudha Obbo Jaanxiraar kan ibsan.

Mootummaan misooma nama giddugaleeffate hojjetaa waan jiruuf kaafamtoota misoomaatiif xiyyeeffannaa addaa kenneera. Jireenyi hawaasummaasaanii akka cimuuftis hanga danda'ametti laftis ta'e manni haala bu'uura hawaasummaasaanii eegeen kennamaa jira. Bakka hanqinni lafaafi mana jireenyaa jirutti yoo humnaa ol ta'e qofa namoota waliin jiraataa turan adda ba'u.

Haaluma walfakkaatuun namoota manneen gandaa keessatti daldaluun jireenyasaanii gaggeeffataa turaniif mootummaan haala mijataa uumaa jiraachuu Obbo Jaanxiraar himanii; yeroof namoota kunneen tekniikiifi ogummaan leenjisuun waldaan gurmeessaa jiru. Booda garuu lafa daldalaa mataasaanii kaaree 25 argachuun karaa waaran jireenyasaanii akka gaggeeffatan haalli mijataafi jiraachuu yaadachiisaniiru.

“Nageenya biyyaafi lammii eegsisuun dhimma ijoo ummataafi mootummaa ta’uu qaba”

- Gumiin Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Gumiin Dhaabbilee Amantii Itoophiyaa abbootii amantii eegdota gararraafi raawwachiistota hojii boordii gumichaa waliin ta’uun ibsa Kibxata darbe Finfinneetti haala yeroorratti miidiyaaf kennaniin, ajjeechaa, miidhaa, danqaa, buqqaatiifi saamicha yeroo garaa lammii biyyattiirra gahaa jiru cimsanii akka balaaleffatan ibsan.

Barreessaa olaanaan gumichaa Qasiis Taagaay Taaddalaa ibsa kennaniin akka jedhanitti, gochi ajjeechaa gara jabeenya lammii biyyattiirra raawwatamaa jiru dhaabbilee amantii hundaan kan balaaleffatamuudha.

Ajjeechaan garajabeenya dhiyeenya kana Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Darraatti lammii nagaarratti raawwatames sadarkaa rakkoon nageenya biyyattii irra gahe qabatamaan kan mul’isu ta’uufi dhaabbileen amantii hundi gocha hammeenyaafi gara jabeenya kana cimsanii kan balaaleffatan ta’uu himaniiru.

Dhaabbileen amantii hundi dhimma nageenyaa, araaraafi dhiifamaarratti xiyyeeffannaan hojjechuu akka qaban yaadachiisanii, nageenya biyyaafi lammii eegsisuun dhimma ijoo ummataafi mootummaa ta’uu qaba.

Haalli nageenya biyyattii yeroo gara yerootti yaadessaa ta’aa dhufeera.

Rakkoon nageenya sochii qaamolee hidhatanii Oromiyaafi Amaaraa keessa socho’a taasisaniin walqabatee keesumaa naannawaa daangaa naannolee lamaaniitti qormaata cimaa ta’uus eeraniiru.

Rakkoon nageenya yeroo gara yerootti hammaachaa dhufe abbootii amantii daran kan yaaddesse ta’uu himanii, rakkoo nageenya kana karaa waraa ta’een furuuf gumichi gareen kamuu nageenyaaf dursa kennuudhaan gara mariitti akka dhufuuf gumichi waamicha dhiyeesseera. Abbootiin amantiifi jaarsoliin biyyaas garee kamiifuu utuu hinloogin qaamolee walitti bu’anii jiran walitti fiduufi araarsuun gahee isaanirraa eegamu bahachuuf qophii ta’uus eeraniiru.

Walittibu’iinsiifi waraanni labbuu galaafachuu, qabeenya barbadeessuufi abdiif ijoolee keenyaa dukkanessuu malee bu’aa tokkollee kan hinqabne ta’uu himanii, miidhaa waraanni qabu muuxannoo keenya darberraa barachuun waraanni tasumaa filannoo ta’ee ittifufuu akka hinqabnes eeraniiru.

Gareewwan hidhannoo socho’anis nageenya ummataafi biyyaaf jecha gara mariitti akka dhufaniif abbootiin amantii gumichaa waamicha abbummaa taasisaniiru.

Sagantaa kadhannaa biyyaaleessaa Dilbata waaree booda sa’aatii 8:00 irraa eegalee Giddugala Gargaarsa Maanguddootaafi Dhukkubsattoota Sammu Maqdoniyaatti kan adeemsifamu ta’uus gumichi ibseera.

Nageenya: Waraqa...

Tibbanas yaa’ii Nageenyaa Ardawaa, biyyoota Afrikaa addaddaa hirmaachise mata duree “Afrikaa badhaateefi naga qabdu haa ijaarru” jedhuun Wiixata darbe Finfinneetti adeemsiseera. Sirna kanarratti argamuun haasawaa kan taasisan Pirezdaantiin Itoophiyaa Taayyee Asqasillaasee akka jedhanitti, Afrikaan qabeenya albuudaa gati jabeessaan kan badhaate waan taateef biyyoonni hedduu ishee hawwu. Kunimmoo qormaatawwan ishee akka baay’atan taasisera. Biyyoonni Afrikaas kana hubachuun irratti hojjechuu qabu. Kanaaf ammoo tokkummaafi walta’iinsi hunda caalaa murteessaadha.

Itoophiyaan barootaaf walddhabdeefi rakkooolee hedduu dabarsuu eeranii, wayita ammaa garuu sana keessaa ba’uuf hojiifi ilaalcha haaraa hojiirra oolchuun hojjetaa jiraachuu himu. Waldabdeefi addaddummaa hiikuuf marii biyyaaleessaa qopheessuun itti hojjechaa jiraachuu kaasu.

Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti, Barreessaa Gargaaraafi Itoophiyaatti Qindeessaan Namoomaa Doktor Raamiz Alkaabaarov gamasaaniin, ardii Afrikaatti misoomaafi badhaadhina dhugoomsuuf nageenya ceesisuun murteessaa ta’uu eeranii, nageenyi yoo jiraate haqni akka mirkanaa’uufi olaantummaan seeraa akka kabajamu akka taasisu himu. Kunis nama ykn qaama muraasaan kan hojjetamu osoo hintaane hawaasa hunda kan hirmaachise ta’uu akka qabu kaasu. Waraqaan eeyyamaa gara badhaadhinaatti ittiin ce’an nageenya waan ta’ef ajandaa Afrikaanotaa ta’uu akka qabu hubachiisu.

Dhimma kana ilaalchisuun yaadasaanii addatti kan kennan Walittiqabaan Kaawunsilii Jaarsolii Biyyaa Doktor Tasfaatsiyoon Dallalawu akka jedhanitti, waa’ee nageenyaarratti kanatu ta’uu qaba kan jedhu ijoolee irraa kaasee hanga maanguddootaatti ittigaafatamni kennamee waan ijaaramuu ta’uu qaba.

“Hawaasni, maatiiniifi namni hundi nagaarratti kan ijaaraman taanaan biyyis naga taati. Biyyi akka naga taatuuf ammoo yaalii taasisuu kan qabu mootummaa qofa miti. Mootummaan dhimmichi isa galcha, kallattiidhaanis isa ilaallata; garuu waa hunda kan hojjetu isa miti.

Tokko tokkoon lammii nageenyaaf hojjechuutu irra jiraata. Nageenyi yoo hinjiraanne rafanii buluun, nagadanii buufachuun, barachuu, barsiisuufi hojii kamuu hojjechuu waan hindandeenyef namni hundi waa’ee nageenyaaf of kennee irriba dhabee hojjechuu qaba” jedhu.

Dhimmi nageenya lammii hundaaf ni mala, lammii hundas ni ilaallata jedhanii, dhimma kanarratti hojjechuuf korniyaa, umurii, sabaafi bifaan walqooduu akka hinbarbaachisneefi lammii hundi irratti hojjechuu akka qabu kaasu. Mootummaan ammoo lammii eeguufi kabajuun akka irra jiraatuufi jaarsooliin biyyaas waan gaarii dhaloota dhaalchisuu, waa’ee nageenya barsiisuufi gaarummaa shaakalsiisuun akka irra jiraatu eeru.

Taanzaaniyaarraa kan dhufaniifi miidiyaa hawaasummaa fayyadamuun nageenyarratti hojii hubannoo uumuu kan hojjetan Mistar Moozingaa Piitar gamasaaniin, nageenyi afaan waloo addunyaan hundi haasoftu yoo ta’u, kan dhufus hojii waloo ummattoonni hojjetaniin ta’uu ibsu. Yeroo baay’ee ajandaa nageenya siyaasaa wajjiin walqabasiisuufi mootummaaf qofa dhiisuun akka mul’atuufi kun garuu ilaalcha fayyadaa waan hintaaneeff jijjiiramu akka qabu himu.

Ilaalchi akkanaa akka jijjiiramuufis hubannoo uumuun akka barbaachisu eeranii, keesumaa namoonni miidiyaa hawaasummaarratti dhageettii qaban nageenya ajandaasaanii duraa taasifachuun ummata barsiisu akka qaban hubachiisu.



“Ayyaanni Sabootaafi sablammootaa...”

hojiwwan hojjetaman hanqina bal’aa kan qabu ta’uu himanii, eenyummaan sabootaafi sablammootaa heeraan beekantii argachuun waan guddaa waan ta’ef guyyaan kun waggaa waggaa kabajamaa jiraachuu eeru.

Waggoota ja’aa as mootummaan Paartii Badhaadhinaatiin geggeeffamu biyya sabdaneessummaa, tokkummaafi biyyaaleessummaa madaalliisaa eeggate ijaaruuf akkasumas mootummaafi sirna ummata bal’aa biratti fudhatama qabu ijaaruufi gaaffii ummata yeroo dheeraaf ture keessumaa gaaffii dimokiraasii deebisuudhaaf hojii bal’aa raawwateera; raawwachaas jira. Kanaanis bu’aawwan guguddoon galmaa’aa jiru jiru jechuun dubbatu.

Yunivarsiitii Salaaleetti hayyuun Seeraa Zalaalam Tasfaayee barreeffama ka’umsa marii mataduree “Waliigaltee Biyyaaleessaa, Tokkummaa Sabdameessummaaf” jedhuun dhiyeessaniin akka jedhanitti, shaakalli hanga ammaatti taasifame hanqinoota garagaraa qabaatus sirna federaalizimii sabdaneessaa itti cimsuun dimokraatessuun ala filannoo biraan hinjiru. Federaalizimii akka sirnaatti sabni hunduu akka biyyasaatti kabajamee akka

jiraatu waan taasisuuf sirna daran cimee ittifufuu qabu ta’uu himu.

Sirna Federaalizimii yeroo jennu sirna ofiin of bulchuufi sirna waliin biyya bulchuuti kan jedhan hayyuun seeraa kun, haala qabatamaa Itoophiyaan keessa jirtu yoo xiinxalle Sinri Federaalizimii akka lafa qabatuuf hojiin hojjetame hedduu guddaadha. Kana jechuun waanti hafu hinjiru jechuu muti. Kanaaf, kan argannetti fayyadamuun kan hafe irratti hojjechuun murteessaa ta’uu dubbatu.

Guyyaan Sabaafi sablammootaa kun sirbuufi shubbisuu qofaan kan kabajamu osoo hintaane tokkummaafi obbolummaa sabootaafi sablammootaa cimsuu, nageenya waraa fiduun misoomni gama hawaasummaafi dinagdeen jiru akka cimee itti fufuuf tumsuu qaba kan jedhan Obbo Zalaalam, sabootaafi sablammoota biyyattii kan tokko kan taasisu dantaa isaan guddina, misooma, naga, walqixxummaafi mirga namoomaa irratti qaban ta’uus himaniiru.

Ayyaanni Sabootaafi Sablammoota Itoophiyaa akka biyyaatti Magaalaa Arbaa Mincitti; akka Oromiyaatti ammoo Magaalaa Ambootti Sadaasa 29 bara 2017 kan kabajamu yoo ta’u, jala bultiin ayyaanichaas sagantaalee gara garaatiin kabajamaa jira.

“Guddinni Itoophiyaa biyyootni ulaa galaanaa qaban Itoophiyaaf akka eeyyaman taasisa”

- Doktor Maatiyoos Hinsarmuu

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Guddinni dinagdee Itoophiyaa biyyootni ulaa galaanaa qaban Itoophiyaaf ulaa galaanaa akka eeyyaman taasisa jechuun Yunivarsitii Finfinneetti Hayyuun Loojistikiiif Cancala Dhiyeessii Doktor Maatiyoos Hinsarmuu ibsan. Ulaagaa haqaqabeessaan Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuun kan hinoolle ta'us ibsaniiru.

Doktor Maatiyoos ibsa Kamisa darbe waajjirasaaniitti Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, guddinni dinagdee Itoophiyaa biyyootni ulaa galaanaa qaban hawwachuudhaan Itoophiyaaf ulaa galaanaa akka eeyyaman taasisa. Ulaan galaanaa fedhii ummata biyyattii guutuuf waan filannoo keessa galu miti jechuun ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, bu'uura seera ulaa galaanaa bara 1982 Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin tumameen

biyyootni ulaa galaanaa hinqabne karaa biyyoota ulaa galaanaatti kalaa'anii mirga ulaa galaanaa fayyadamuu qabu. Ta'us haalli ittifayyadamasaa hojiirra kan oolu akkuma seericharratti ibsametti waliigaltee biyyoota lamaaniiratti hundaa'een ta'uu ibsaniiru.

Gaafa hojiirra oolus wanti isaan gochuu danda'an yoo jiraate tursiisuu, gatii dabaluu fi hanga turtii omisha ulaa galaanaarratti bu'een gatii dabaluu yoo dhiibbaa uuman malee gonkumaa dhowwachuu hindanda'an jedhaniiru. Itoophiyaan ulaa galaanaa akka hinarganneef qormaanni baay'achuun qabeenya hidha laga Abbayyaa, boba'aa qabdutti ulaan galaanaa dabalamee yoo fayyadamte saffisaan tarree biyyoota guddatanii keessa galuun dhiibbaa uumuu dandeessi yaaddoon jedhu waan jiruuf jedhaniiru.

Dhiibbaa jala ta'es guddinni Itoophiyaa ittifufuu himanii; guddinni Itoophiyaa biyyoota ollaashiitiif faayidaa qaba.



Kanaafis, Sumaalee Laandi Itoophiyaa waliin guddachuuf murteessitee waliin waliifmallatteessuun hojjechaa jirti. Guddinni Itoophiyaa ulaa galaanaa argamsiisuudhaan guddina waloof daandii saaquurra darbee bu'uuraalee misooma ulaa galaanaa baasii guddaa gaafatuu biyyoota fayyadamoo ta'an waliin qajeeltoo kennanii fudhachuutiin waliin akka misoomsaniif

haala mijaa'aa uuma. Kunniin hundi milkaa'uu kan danda'an yoo rakkoon keessoo Itoophiyaa furameedha jedhan.

Filannoo tibana Sumaalee Laanditti geggeeffameen walqabatee; “Gareen mormituu mootummaa biyyattii aangoo waan qabateef waliigaltee Itoophiyaafi Sumaalee Laandi mallatteessaniiratti dhiibbaa uuma jedhee hin yaadu” jedhan.

Sababiinsaas ummatootni biyyattii birmadamummaa dhuunfaasaniin waan barbaadaniif gareen siyaasaashii amma gara aangooti dhufe faallaa birmadamummaa kana dhaabata jedhee hin yaadu jechuun ibsaniiru.

Ameerikaanis pirezidaantii haaraa waan filattee dhimma Sumaalee Laandiin walqabatee wanti Ameerikaan murteessitu ifa hintaane. Gaafa Ameerikaan imaammatashee ibsituu haalotni jijjiiramuudhaan Itoophiyaaf carraa gaarii qabatanii dhufuu mala jedheen yaada jedhaniiru.

“Nageenyi Oromiyaa...

hojii muraasni hafu itti adeemamaa jiraachuu Hogganaan Biiroo Bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaa Komishinari Jeneraalaa Araarsaa Mardaasaa ibsan.

Komishinariichi ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, qindoomina Raayyaa Ittisa Biyyaa, qaamolee nageenyaa naannichaafi federaalaatiin tarkaanfii laalessaa fudhatameen Shaneen bittinna'ee kaan harka kennateera, kaan ammoo gara gammoojjiitti baqateera. Ummatnis sochii idileetiin jiruufi jireenyasaa gaggeeffataa jira.

Sirna caasaa gandaa mootummaan naannichaa diriirseen bakkeewwan Shaneen bittinnoofte

keessa loote tokko tokkorraa kan hafe caasichi hundeen lafa qabataa jira. Qaamoleen nageenyaa Shaneen bittinnoofte dhabamsiisuuf gammoojji seenee tarkaanfii fudhachaa jiraachuu dubbataniiru.

Shaneen bakka qaamni nageenyaa hinjirre tokko tokkotti kudhan, kudha shaniin bittinnoofte ummata ajjeesuu, ukkaamsuu hannaafi saamicha raawwachuura kan darbe, akka kana duraa sadarkaa caasaa gandaa diiguufi sochii ugguruurra hinjirtu jedhanii; ummatni Oromoo tibana hiriira ba'ee darara Shaneen dhoksaan isarratti raawwatu mul'isuun murnicha balaaleffachuusaa yaadachiisaniiru.

Ummanni murna isa dararu kana dhabamsiisuuf meeshaafi deeggarsa mootummaa gaafachuus ibsani; akkaataa ammaa kanaan qaamni nageenyaa, siyaasaafi ummatni qindoominaan yoo cimani hojjetan yeroo gabaabaa keessatti Shaneen dhabamsiisuun akka danda'amu hubachiisaniiru.

Tarkaanfii olaantummaa seeraa fudhatamuun lammiilee nagaaf eeggannoo taasifame ilaalchisees akka jedhanitti, qaamni nageenyaa, nageenya ummataa eegsisuuf wareegama lubbuu dabalatee aarsaa qaalii kaffalaa jiraachuu eeraniiru. Diinotatu olola oofa malee qaamni nageenya ummataaf dhaabatu herrega

kamiinuu ummatarratti miidhaa hindhaqqabsiisu jedhaniiru.

Hiriirri ummataa sun hunda caalaa Shaneen diina ummata Oromoo ta'ee osoo jiru ilaalcha sabootni biroo Shaneen Oromoo dhiisee saba biraarratti qofa akka waan miidhaa gaggeessutti adeemsisan hiriira saaxile tures jedhaniiru.

Haa ta'uu malee, tarii namni dhuunfaa tokko yoo yakka kan raawwatu ta'ee qaama nageenyaa kamuu haa ta'uu qajeeltoon ittiin bulaniifi adabaman kan jiru ta'uu hubachiisani; Shaneefi namootni maqaa Shaneen daldala siyaasaa oofan maqa balleessiiratti bobba'anii jiraachuu ibsaniiru.

Paartiin Badhaadhinaa Oromiyaatti...

Gama dinagdeetiinis dinagdee biyyaa ceesisuuf hojjechaa jiraachuu kaasani, qonnaan bulaan biyyattii inisheetiividaan hojjetee jiruufi jireenyasaa akka fooyyeffatu, guddina biyyaa keessattis gaheesaa akka taphatu taasifamaa jiraachuu dubbatu.

“Hojii xiiqiidhaan hojjetameenis qe'ee qonnaan bulaa qe'ee kombaayinarafi tiraaktaraa gochuun danda'ameera. Waggaa shan dura bajatni Mootummaa Naannoo Oromiyaa Qarshii biliyoona 50 hincaalu ture amma garuu, bajatni naannichaa qarshii biliyoona 300 oliidha. Kana gochuu kan dandeenye kan ormaa saamnee osoo hintaane saamicha ofirraa ittisneeti. Saamichi nurraa waan hafeef bajatni keenya yeroo dhiyootti biliyoona bira darbe tiriliyoona gala. Yommuu kana milkeessinu warri nu saamuu baran saamicha itti fakkaachuu danda'a” jedhu.

Kaantibaan Magaalaa Shaggar Doktor Tashoomaa Addunyaa hundeeffama Paartiichaa waggaa 5ffaa sababeeffachuun sagantaa daawwannaa hojjiwwan misoomaafi inisheetiiviiwwan qonnaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa torbee darbe gaggeeffamerratti haasaa taasisaniin akka jedhanitti, Paartiin Badhaadhinaa, paartii fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf waadaa gale hunda ariitii, qulqullinaafi

baay'inaan raawwachuun dhugoomsaa jirudha.

Bu'aa paartiichaa kan taate Magaalaa Shaggaris galmoota ijoo qabatee hojjechaa jirtu milkeessuuf hojjiwwan misoomaa garagaraa, inisheetiiviiwwan qonnaa, industiriiwwan godoo fi kanneen biroo akkaataa istaandaardii isaa eeggateen hojjechaa kan jirtu ta'uu ibsaniiru.

Hundeeffamuu magaalichaatiin omishaafi omishtummaan misooma qonnaafi indastirii dabalaa jira jedhanii, hundeeffama magaalichaa dura lafa hektaara kuma 40 hincaalle sanyiin uwwifamaa kan ture yeroo ammaa magaalichatti lafa hektaara kuma 80 oltu omisha gannaatiin qofa sanyiin uwwifamaa jira jedhaniiru.

Hogganaan Biiroo Misooma Inyastimantiifi Indastirii Obbo Ahimad Idris gamasaaniin akka jedhanitti, paartichi rakkoolee isa mudatan qolachuun tarsiimoofi karoora mijataa bocee hojjechuun dinagdee biyyaattii ba'aa irraa gara bu'aatti ceesisaa jira jedhanii, gama hawaasummaatiinis gaaffiiwwan dimokraasiifi walqixxummaa ummatni biyyattii gaafachaa ture deebisaa jiraachuu himu.

Bulchituun Bulchiinsa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa Aade Boggee Kennee gamasaaniin, mootummaa jijjiiramaa dura qonnaan bulaan

kutaa magaalasaanii qe'eesarraa buqqa'aa turuu himanii, deggaranii dingdeedhaan humneessuu osoo hintaane waan xinnoodhaan qonnaan bulaa goyyomsuun laftisaa akka irraa fudhatamu taasifamaa turuu yaadatu.

Shira qonnaan bulaa magaalaa Shaggariratti taasifamaa tureen Sanyiin Oromoo warra Galaan qe'eesaa dhiisee gara iddoo biraatti akka godaanu taasifamuusaa himanii, jijjiirama booda carraa argametti fayyadamuun warra seeraan ala lafa qonnaan bulaa kunneeni qabatanii ijaarsa seeraan alaa ijaaran manneen kuma 40 ol irratti tarkaanfii seeraa fudhachuun qonnaan bulootni kunneen qe'eesaanitti deebi'anii gurmaa'anii akka hojjetan taasifamuu ibsu.

Gaggeessaan Hojii Waldaa Sharikummaa Furdisa Loonii Iftiyoomifi hiriyoootasaa dargaggoon Iftiyoom Dandanaa gamasaatiin carraan hojii mootummaa jijjiiramaatiin kan isaaf uumame ta'uu ibsuun hiriyoootasaa waliin akka hojiitti galaniif mootummaan deggarsa itti fufiinsa qabu isaanif kan taasise ta'uu ibseera.

Iddoon hojii, tajaajilli liqiifi leenjiin waldichaaf kan taasifame ta'uu eeree, deggarsa taasifamaa jirutti fayyadamuun hojiisaanii karaa bu'aqabeessa ta'een hojjechaa kan jiran ta'uus himeera.

Falmii Federeeshinii...

Koree raawwachiiftuu hojii ammoo Oromiyarraa Doktor Saaraa Hasanifi Obbo Tamasgeen Namee, Tigraayirraa Biniyaam Mirutsiifi Aade Shawaanash Gazzaahanyi, Amaaraarraa obbo Bililinyi Maqoyyaafi Aadee Abbabaa Yusuufi.

Bulchiinsa Magaalaa Finfinneerraa Atileet Masarat Daffaariifi Doktor Tizaazuu Wubisheet, Ummattoota Kibbaarraa Aade Tsahaay Baqqalaafi Obbo Amaanu'eel Abrahaa, Gaambeellaarraa Obbo Chool Beeyeliniifi Obbo Gaawiichi Wiir, Affaarirraa Obbo Daawud Hamooloofoofi Aade Faaxumaa Awwal ta'uu beekameera.

Beenishaangul Gumuzirraa Doktor Abdul Muusiin Hasaniifi Aade Tsadaalaa Abarraa, Harariirraa Obbo Kaaliid Aliwooniifi Geetaa Zaru Gobanaa, Siidaamaarraa Fireew Araarraafi Aade Muluwarqi Darrasaa, Giddugaleessa Itoophiyaarraa Obbo Tafarraa Mollaa, Kibba Lixaarraa Obbo Admaasuu Saajiifi Aade Ma'aazaa Kaamatoos yoo ta'an, naannoon Somaalee bakka bu'oota akka hinerganne ibsameera.

Paartiin Badhaadhinaa...

fakkaataniin morma walqabnee, biyya diigamuurraa baraaruu Itoophiyaa cimtuu sabdaneettii ijaaruuf halkanii guyyaa ifaajneerra jechuun ibsaniiru.

Gufuuleefi rakkoolee kanneen hunda

injifachuun bu'aalee ajaa'ibsiisaa galmeessisaa guyyaa hundeeffama Paartii Badhaadhinaa waggaa 5ffaa kabajuurra geenyarra jedhan.

Mataduree 'Olaantummaa Yaadaa,

Badhaadhina hundagaleessaaf' jedhuun kabajamaa kan ture Guyyaan hundeeffama Paartii Badhaadhinaa Waggaa 5ffaan har'a sadarkaa biyyaaleessaatti sagantaalee garagaraatiin kan goolabamu ta'a.

Guyyaan kun guyyaa injifannoo dabalataa itti galmeessinu, olaantummaa yaadaafi badhaadhina hundagaleessa biyyattii itti mirkaneessuu akka ta'uu hawwii kooti jedhaniiru.



BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

Kubbaa kachoo: Damee ispoortii xiyyeeffannaa barbaadu

Ispoortiiin kubbaa kachoo akkaakuuwwan ispoortii ammayyaa Addunyaarratti beekamaniifi ummata biratti jaalataman keessaa isa tokkoofi hangafa jedhamee himama.

Biyyoota addaa addaatti duraan dursame beekamuudhaan sadarkaa addunyaatti adeemsifamuu kan jalqabe ALA bara 1950 Arjantiinaa, Bonas Iyirisitti ta'uu ragaaleen ni agarsiisu.

Yeroodhaa gara yerootti addunyaarratti babaldhachaa dhufus Itoophiyaatti beekamtii kan argate Olompikii Meelboorni Awustiraaliyaatti ALA bara 1956 adeemsifame asi.

Manneen barnootaafi dhaabbilee Raayyaa Ittisaatti kilaboota lammiilee biyyoota alaatiin kan jalqabame ispoortiiin kubbaa kachoo dargaggoota dandeettiifi fedhii qaban biratti yeroo gabaabaa keessatti fudhatama argachuudhaan hordofamaa tureera.

Gaazexaan Bariisaas maxxansasaa kanaan ogeessa ispoortii kubbaa kachoo Obbo Yetimgeetaa Nigusee waliin gaafdeebii taasiseera. Ogeessi kun kilaba kubbaa kachoo Manneen Kiraa durii dabalatee garee filatamaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee, garee kubbaa kachoo Itoophiyaaf taphataniiru.

Hiriyootasaniin wajjin Kilaba Manneen Kiraa garee kubbaa Kachoo Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee shaampiyoonaa taasisuudhaan waancaafi meedaaliyaa warqii hedduu argamsiisaniiru. Dhuunfaadhaanis badhaafamaniiru.

Leenjisaas garee kubbaa Kachoo dargaggootaafi dubartoota Itoophiyaas ta'uudhaan leenjisiiru. Keesumaa wayita leenjisaas garee dubartoota Itoophiyaa turanitti shaampiyoonaa kubbaa Kachoo Biyyoota Bahaafi Giddugaleessa Afrikaa Keeniyaa, Naayiroobitti adeemsifamerratti hirmaachuudhaan sadaffaa bahuun meedaaliyaa nahaasaa argamsiisaniiru.

Akkasumas wayita miseensa koree hojii raawwachiiftuu Federeeshinii Kubbaa Kachoo Itoophiyaa turan walitti qabaa koree teknikii



Suurri Haddush Abrahatiin

Obbo Yetimgeetaa Nigusee

ta'uudhaan dursaniiru. Ammaan tana ammoo Pirezidaantii Federeeshinii Kubbaa Kachoo Magaalaa Finfinnee ta'anii tajaajilaa jiru.

Bariisaa: Ispoortiiin kubbaa kachoo keessumaa Finfinneetti, sadarkaa akkamiirra jira?

Obbo Yetimgeetaa: Ispoortiiin kubbaa kachoo ispoortiiwwan ammayyaa biyya keenyatti jalqabaman keessaa kan duraati. Ispoortii kanaan biyyi keenya olompikiirratti hirmaachuuf dandeettii qabaachuu baattus akka miseensa tokkootti Konfedereeshinii Kubbaa Kachoo Afrikaa, Waldaa Kubbaa Kachoo Addunyaafi Koree Olompikii Biyaaleessaatiin beekamtii qabdi.

Haata'u malee Ispoortiiin kun yeroo yeroodhaan guddachuura gadi bu'aa dhufuudhaan maqaaf malee hinjiru jechuun ni danda'ama; keessumaa Finfinneetti. Kilaboonni kubbaa kachoo hedduunis diigamanii bittinnaa'aniiru.

Ispoortiiin kun kanaan dura akka biyyaatti kilaboota heddu horachuudhaan yeroo yeroodhaan shaampiyoonaan biyyaaleessaas adeemsifamaa ture.

Finfinneetti kilaboonni akka Manneen Kiraa, Machaal, Omeedilaa, Humna Galaanaa, Humna Qilleensaa, Ajaja Giddugaleessaa, Konistiraakshinii Hintsaa, kilaboonni Filwuhaawoochiifi Hoteelotaa yeroo san kilaboota ciccimoo turan. Garee kubbaa Kaachoo Itoophiyaafis taphattoonni kan

filataman kilabootuma kanneen keessaa ture.

Haata'u malee bara 1983 Mootummaan ADWUI kilaboota kanneen diige. Yeroo booddee akka haarawaatti muraansisaanii hundeeffamanis qaamni duuka bu'u waan dhabameef deebi'anii diigaman.

Kilaboonni Warshaa Simintoo Mogor, Humna Ibsaafi Konistiraakshinii Hojiiwwan Bishaanii, Yuunivarsitii Yuunitii, Itiyoo Investimanti, Kolleejjiin Admaasfaan of danda'anii hundaa'anis yeroo gabaabaa keessatti diigamaniiru. Kanaaf, Ispoortiiin kubbaa kachoo dadhabaa dhufeera.

Bariisaa: Ispoortii kana cimsuuf tattaaffii akkamiitu taasifamaa jiraree?

Obbo Yetimgeetaa: Federeeshinoota hundeesuudhaan kan to'atu Ministeera Aadaafi Ispoortii. Federeeshinii Kubbaa Kachoo Itoophiyaas isumaan hundeeffame. Ta'us federeeshinichi hojjechaa jira jechuun natti ulfaata. Maaliif yoo jedhame maqumaaf malee waajjirrisaa yeroo hunda cufaa oola.

Koreen gaggeessituu hojii federeeshinichaa maqaaf hundeeffame malee yeroosaa eeggate waajjirichatti argamuudhaan guddina ispoortii kanaaf hojiiin hojjachaa jiru daran dadhabaadha. Ittigaafatamumaas dhiheenyaatti argamuudhaan kan gaafatu natti hinmul'atu.

Ministeerri Aadaafi Ispoortiiis gadiisiquee yeroo yeroodhaan duuka bu'uu qaba. Hojjetaa cimaa ramaduudhaanis ispoortiiin kun akka guddatu gochuu qaba.

Caasaa federeeshinootaa gubbaadhaa hanga gadiitti diriirsee maaltu nadhibe jedhee harka maratee ta'uu hinqabu. Yeroo yeroodhaan ogeessotasaa gadi buusuudhaan bakka rakkoon jiru ilaalee furuu qaba.

Bariisaa: Mootummaan bu'uraalee misooma ispoortiiif iddoowwan oolmaa dargaggootaa babaldhisaa jiraatii kana ittifayyadamasaarraa kaastanii akkamitti ibsitu mee?

Obbo Yetimgeetaa: Dhugaa dubbachuuf hojiiin yeroo dhihoodhaa as mootummaan

iddoowwan oolmaa ispoortiiif xiyyeeffannaa kennee hojjetaa jiru kan nama gammachiisuudha.

Finfinnee qofatti osoo istaadiyoomota guguddoo hindabalatiin iddoowwan oolmaa ispoortii kuma lfi 300 ijaaramanii tajaajila kenna jiru. Kanneen hafan ammoo sochuma kanaaf banamuun ittifayyadamtoota eeggachaa jiru. Naannoleettis baldhinaan hojjetamaa jiru.

Mootummaan jijjiiramaa fayyaa namaarratti xiyyeeffachuudhaan dargaggoonniifi hawaasni yeroo haara galfannaasaniin sochii qaamaa akka taasisaniif bakka qopheessee jajjabeessaa jira.

Iddoowwan oolmaa ispoortii Godambaa Injifannoo Adwaa dabalatee galmoonni kubbaa kachoo, teenisa miinjaalaa, kubbaa harkaa, buunyaa, misooma koridariitiin ammoo atileetiksii, biskileetiifi kkfn gaggeeffamaa jiran kan sadarkaa biyyoolessaa eeggatan waan ta'aniif rakkinni kanaan dura damee kanaan mul'ataa ture furameera.

Kanaan dura misooma akkanaa wayita biyya alaa dorgommiif deemnu dharra'aa turre. Har'a ammoo asitti arguu kiyiyatti gammachuu guddaatu natti dhagahama. Ana qofa osoo hinta'in qaamoleen kaleessa misooma akkanaa hawwaa turan maratu ittigammada. Iddoowwan ispoortii kanneen eeguun ammoo qooda hawaasaati.

Bariisaa: Ispoortii kubbaa kachoo dabalatee kanneen biroos akka cimaniif maaltu ta'uu qaba jettu?

Obbo Yetimgeetaa: Guddinaafi babaldhina ispoortiiif bu'uraaleen manneen barnootaafi naannoleedha. Ammas xiyyeeffannaa guddaa itti kennuudhaan dargaggoota dandeettii qaban filachiisuudhaan hirmaachisuutu irraa eegama.

Dargaggoonni kilaboota adda addaa keessatti akka hirmaataniif carraan banamuufi qaba. Kana gochuuf ammoo yeroo ammaa dhaabbileen mootummaafi dhunfaa hedduun biyya Keenya keessatti baldhinaan waan argamaniif kilaboota akka hundeesan gochuunis barbaachisaadha.

Falmii Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa eenyuutu mo'ata?

Finfinnee: Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa waggoota afran dhufaniif kaadhimamtoota pirezidaantiifi raawwachiiftuu hojii naannoleefi bulchiinsota magaalotaarraa dorgommiif dhihaatan maqaasaniin ifoomseera.

Atileetota duraanii dabalatee dorgomtoonni torba pirezidaantummaaf kan dhihaatan yoo ta'u, raawwachiiftuu hojii ammoo kaadhimamtoonni 21 dhihaachuusaanii Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa beeksiseera.

Rakkoo wal xaxaa ispoortii atileetiksii Itoophiyaa eenyuutu furuu danda'a? gaaffii jedhuufi sammuu ummata keessa naanna'aa jiruuf deebiin kan argamu yaa'ii idilee federeeshinichaa 28ffaa guyyoota lamaaf Mudde 12-13 bara 2017 adeemsifamurratti.

Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa waggoota afuriif hogganaa kan ture koreen raawwachiiftuu hojii federeeshinichaa yeroosaa xumuruusaatiin filannoo ammaa kanaan hoggansa haarawaatti aangoosaa dabarsa jedhamee eegama.

Filannoo federeeshinii kanaaf naannooleen martinuu bakka bu'oota isaanii Sadaasa 16 kan galmeessisan yoo ta'u ammaan tana gulaalliin adeemsifamaa akka jiru federeeshinichi mul'iseera.

Waggootan afran dhufaniif federeeshinicha pirezidaantummaadhaan gaggeessuuf atileetonni bebbeekamoo duraanii Silashii Siihin Oromiyarraa, Gabra Igizaaber Gabramaariyaam Tigraayirraa, Kabajamoo Irreessaa Dubee Jiloo Finfinneerraa ta'uun galmaa'aniiru.



Silashii Siihin

Naannoo Amaaraarraa Obbo Yaayah Addis, Dirree Dhawaarraa Injinar Geetuu Garramaw, Naannoo Kibbaarraa Komaandar Girmaa Dhaabaa, Naannoo



Gabra Igizaaber Gabramaariyaam

Gambeellaarra Raasaal Upiyoow Ilukaan ta'uun beekameera.

Gara fuula 14tti